



BARIISAA



Bara - 46 Lak. 46 Bariisaa Mudde 13 , Bara 2016

Sanbataa

(December 23, 2023) Qar. 10.00



Ijaarsi Pirojektii Madda Humnaa Kooyishaa %62 irra gahe

Riippoortara Gaazexichaatiin

Finfinnee: Adeemsi ijaarsa Pirojektii Madda Humnaa Kooyishaa %62 irra gahuu

Ministirri Muummee RFDI Doktor Abiyi Ahmad ibsan.

Doktor Abiyi odeeffannoo karaa miidiyaa hawaasummaasaanii kaleessa dabarsaniin akka jedhanitti, “Bara 2013 irraa eegalee

gamaggama Pirojektii Madda Humnaa Kooyishaa yeroo 12ffaaf taasisetti aansee jijjiirama gama bulchiinsa pirojektii sirna hordoffitiin taasisneen adeemsi ijaarsasaa waliigala %62 irra gahuu

Gara fuula 14tti


Pirojektiin Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii eebbaaf qophaa’aa jira

Natsaannat Taaddasaatiin

Finfinnee: Qaama pirojektii “Maaddii Biyyaaf” keessaa tokko kan ta’e, pirojektiin meegaa Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii eebbaaf qophaa’aa jiraachuu qindeessaan pirojektichaa ibsan.

Qindeessichi Obbo Dhaabaa Jinfeessaa gaafdeebii kaleessa Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaniin akka jedhanitti, pirojektiin meegaa Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii dhiyenyatti sirna ho’adhaan eebbifamuuf jedhuuf qophiileen barbaachisan

Gara fuula 14tti



Doktor Addunyaa Dabalaa

Buna Itoophiyaa gabaa addunyaatti beeksisuuf qophiin taasifamaa jira

fuula 14



Sossochii dhaloota beekumsa saayiinsiifi teknolojiin ga’oome horachuu

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Biyyoota guddina rogawwan maraan fagaataniif bu’uurri saayiinsiifi teknolojii ta’uu kan hubate Biiron Barnoota Oromiyaa barbaachisummaa Inistitiyuutii Qorannoo Saayiinsiifi Teknolojiiratti yaada walitti qabuuf kaleessa waltajjii marii qopheesseera.

Hogganaan Biiron Barnoota Oromiyaa Doktor Tolaa Bariisoo haasaa baniinsaa taasisaniin akka jedhanitti, addunyaa carraafi yaaddoon walmakee jiru keessatti fayyadamaa ta’uu gaheen saayiinsiifi teknolojii murteessaadha. Biyya egerree badhaatuu qabdu arguuf dhaloota saayiinsiifi teknolojiidhaan ga’oomsuurratti biirichi xiyyeeffannaan hojjetaa jira.

Oromiyaan barattoota qaxalee dandeettii addaa qaban manneen barnootaa addaa keessatti barsiisaa jiraachuu kaasanii; barattoota kunneen haala barbaadamuun, keessattuu beekumsa saayiinsiifi teknolojiin guddina biyyaa keessatti akka ba’ataniif Inistitiyuutii Qorannoo Saayiinsiifi Teknolojii hundeessuun sochiin eegalamuu dubbatu. Barattoota alatti erguurra akka

Gara fuula 14tti

ODUU

Harargee Bahaatti dhimmoonni kuma 19 ol manneen murtii aadaatti furmaata argatan

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Godina Harargee Bahaatti ji'oota shanan darban keessatti dhimmoota 28,926 Manneen Murtii Aadaatti dhiyaatan keessaa 19,056 furmaata argachuu Manni Murtii Olaanaa godinichaa beeksise.

Pirezidaantiin mana murtichaa Obbo Bukaarii Kadiroo Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, bu'uura labsii hundeeffama Mana Murtii Aadaa lakk.240/2013)tiin jalqaba bara 2014 irraa eegalee aanaalee godinichaa 21fi bulchiinsa magaalaa lameen godinichaa keessatti Manneen Murtii Sadarkaa Jalqabaa 591fi Manneen Murtii ol Dabarfataa 23 hundeesuun danda'ameera.

Akka isaan jedhanitti, bara 2015 Manneen Murtii Aadaa hundeeffaman kan sadarkaa jalqabaaf ol dabarfataaf dhimmootni 89,072 dhiyaatanii 79,192 furmaata kan argatan yoommuu ta'u dhimmootni hafan ammoo adeemsarratti argamu.

Dhimmoota 79,192 karaa Mana Murtii Aadaatiin furmaata argatan kunneenis iyyata barreessuufi abukaatoo baasii ba'uu malu qarshii miliyoona 238tti tilmaamamu abbootii dhimmaaf hanbisuu danda'uus ibsaniiru.

Baay'ina dhimmoota Mana Murtii idileef dhiyaatanis hir'isuuf Manni Murtii Aadaa shoora olaanaa taphachaa jira kan jedhan Obbo Bukaariin; osoo manni murtii kun tajaajila kennuu hinjalqabin dura Mana Murtii idileetif godinichatti bara 2014 galmeewwan himannaa 74,000 kan dhiyaatan yommuu ta'u bara 2015 ammoo galmeewwan 67,000tu dhiyaate jedhaniiru.

Bara 2016tti galmeewwan 9,657 galmee bara 2015 irraa as darbaniifi galmeewwan haarofti ammoo 17,650 waliigalatti galmeewwan 27,307 sadarkaa jalqabaaf dhiyaatan keessaa hanga Muddee 5 bara 2016tti galmeewwan 17,496 furmaata kan argatan yommuu ta'u, galmeewwan 9,811 ammoo adeemsarra jiraachuu ibsaniiru.

Bara bajatichaatti Mana Murtii Ol dabarfataaf galmeewwan himannaa 1,609 dhiyaatan keessaa 1,560 furmaata argataniiru jedhanii; waliigalatti Manneen Murtii sadarkaa lamaan irratti ji'oota shanan darbanitti dhimmootni 19,056 ta'an furmaata argataniiru, dhimmoota furmaata argatan kanaan baasii abbootii dhimmaa miliyoona 57tti tilmaamamu hambisuun akka danda'ames dubbataniiru.

Hunda caalaa, dhugaa abbootii dhimmaa baasuufi namootni wal dhaban haaloo akka walitti hin qabanne gochuuf gaheen Mana Murtii Aadaa olaanaadha jedhanii; manneen murtii kana jajjabeessuuf hudhaalee jiran furuuf qooda fudhattoota waliin hojjetamaa jira.

Manneen murtii kunneen jajjabeessuuf tokko tokkoonsaaniif lafa kaaree meetira 200 kan kenname yommuu ta'u, kanneen hafaniifis lafa ijaarsaa kennuuf adeemsarra akka jiru hubachiisaniiru. Jaarsolii dhimmoota ilaalaniifis barreessaa qacaruu sochii taasifamaa jiras jedhaniiru.

Aanaalee 327tti bakka bu'ootni yaada ajandaa marii dhiyeessan adda baafaman

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Namoonni ummata bakka bu'uun yaada ajandaa mariif dhiyeessan aanaalee 327tti adda baafamuu Komishiniin Marii Biyyaalessaa ibse.

Dubbi himaan komishinichaa Obbo Xibabuu Taaddasaa ibsa laleessa gaazexeessitootaaf kennaniin akka jedhanitti, ummata bakka bu'uun yaada ajandaa marii namootni dhiyeessan aanaalee 327 adda baafamaniiru.

Hirmaattota qopheessuu, namoota ummata bakka bu'aniin yaadota ajandaa mariif ta'an dhiyeessan adda baasuu dabalatee waliigalaan aanaalee 700tti hojii milkaa'aan hojjetamaa jiraachuu ibsaniiru.

Akka ibsasaanitti, yaadota ajandaaf dhiyaatan dhiyeessuuf namootni ummata bakka bu'an naannolee Sidaamaatti aanaalee 45, Itoophiyaa Kibba Dhihaa 57, Beenishaangul Gumuzi 24, Haraarii sagal, Dirree Dhawaa 12, Gaambeellaa 14, Finfinnee 119, Itoophiyaa Giddugaleessaa 20 akkasumas Affaaritti 27 adda baafamaniiru.

Aanaalee naannolee Itoophiyaa Kibbaa 97,



Obbo Xibabuu Taaddasaa

Sumaalee 102fi Oromiyaatti 17 walumaagalatti aanaalee 370 keessatti hojiin hirmaattota adda baasuu adeemsifamaa jiraachuu himaniiru.

Haala qabatamaa naannolee Amaaraafi Tigraayiin aanaalee 276 Amaaraafi aanaalee Tigraayii hundatti hojiin hirmaattota adda baasuu eegalamuu baatus sadarkaa qophiirra jiraachuu ibsaniiru.


Komishinichi hawaasa dayasporaa yaadota ajandaa marii biyyaalessaa dhiyeessuurratti akka hirmaataniif hojii komishinichaa

hanga ammaatti hojjetaman hubatanii akka ittihirmaataniif haala mijataa uumuuf hojjetamaa jira. Hanga ammaatti Afrikaa, giddugala bahaa akkasumas Awurooppaa jiraatan waliin marii milkaa'aan gaggeeffamuu ibsaniiru.

Hojiin hirmaattota adda baasuu cimee ittfufuun adeemsa marii biyyaalessaa gaggeessuuf taasifamaa jiru gara sadarkaa ittaanuutti ceesisuu himanii; naannolee hirmaattota adda baasuun xumurametti namoota yaadota ajandaa dhiyeessan adda baasuuf qophiin haalduree taasifamaa jira jedhan.

Hubannoo ummataa cimsuuf dhaabbilee miidiyaalee 60 waliin mariin gaggeeffameera. Dabalataanis hojii hubannoo uumuu cimsuuf sabqunnamtiilee naannawaa wajjin xiyyeeffannoon hojjetamaa jiraachuus beeksisaniiru.

Gidduseentummaa qaama kamiyyuu akka hin qabne himanii; namoota dhuunfaa, dhaabbilee barnootaafi qo'annoo irraa yaadonni ajandaaf dhiyaatan marii biyyaalessaatti hammachiisuuf hojjetamaa jiraachuus Obbo Xibabuu ibsaniiru.



Adeemsi baruu barsiisuu yuunivarsiitiwwanii haala gaariirra jiraachuun ibsame

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Adeemsi baruu barsiisuu haala gaariirraa jiraachuu hoggansi yuunivarsiitiwwanii Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa Roobii darbee haasofsiise ibsan.

Pirezidaantii Ittaanaan Dhimma Barnootaa Yuunivarsiitii Wallaggaa Doktor Malkaa Hiikaa akka jedhanitti, yuunivarsiitichi qophii barbaachisu xumuruun bara kana marsaa sadiin barattoota simateera. Barattootni fayyaa baratan ganna barnoota wayita itti fufan, barattoota buleeyyii Fulbaana 21 wayita gabatee barnootaatti deebi'an, barattoota haaraafi kanneen barumsa fooyya'iinsaa barataa turan waliigalatti barattoota 2,500 ta'an marsaa sadaffaan simataniiru.

Barana haalli nageenyaa fooyya'aa waan ta'ef simannaa barattootaarratti rakkoon akka hinnudatne ibsanii; barattootni naannolee biroorraa dhufan hanga tokko guyyaafatanii dhufanis ammaan tana adeemsi baruu barsiisuu eegalamee haala

gaariirra jiraachuu dubbataniiru. Barattootni haaraan barana simatan karoora gadi ta'us lakkoofsi barattoota rimeediyaaaliif gara yuunivarsiitichaa dhufaniin walitti ida'amee baay'inni barataa karoora ol ta'uu danda'a jedhan.

Qaala'iinsi gatii dhiyeessii nyaata barattootaarratti hanga tokko dhiibbaa qabaatus bara darbe midhaan hanga tokko olkaa'ametti fayyadamuun dabalata gabaarraas hanga tokko bituuf sochii taasisaa jiraachuu himanii; hanqinni keemikaalli manneen yaalii keessatti hojiirra oolani jiraatus adeemsa baruu barsiisuurratti rakkoon uumaa jiru akka hinjirre dubbataniiru. Barattoota fedhii addaa qaban adda baasuun deeggarsi barbaachisaan taasifamaa akka jirus ibsaniiru.

Barattoonni barana yuunivarsiitii seenan milkaa'oo ta'uu kaasanii; barattoota muraasa kanneen beekumsaafi dandeettii barbaachisu hidhachiisuuf yuunivarsiitichi xiyyeeffannaan hojjetaa jira. Barsiisaanis waan hojiisaatiin madaalamuuf xiiqidihaan

akka hojjetu waliigalteerra ga'ameera. Hawaasni barnootaa sadarkaan jirus milkaa'ina qulqullina barnootaaf tumsa barbaachisu taasii qabas jedhan.

Waraana biyyattii gara kaabaatti taasifameen mancaatii guddaaf kan Saaxilame Yuunivarsiitiin Addigiraat birmannaafi tumsa mootummaafi dhaabbileen federaalaa barattoota dura turanirratti haaraa simachuun adeemsa baruu barsiisuu raawwachaa jiraachuu daarektarii kominikeeshinii yuunivarsiitichaa Obbo Yohaannis Kabbadaa ibsaniiru.

Akka isaan jedhanitti, yuunivarsiiticha guutummaatti suphuun bakka turetti deebisuuf maallaqa guddaa gaafata. Ta'us tumsa mootummaa federaalaatiin wantootni murteessoon sirreeffamanii yeroo ammaa barattoota haaraafi buleeyyii 6000 simatee barsiisaa jira. Haa ta'utiin, sababa waraanaachiitiin doktoroonniifi ogeessoni tokko tokko naannicha waan gadlakkisaniif barnoota fayyaarratti hanga tokko qaawwa uumeera.

Ijoo Dubbii

Balbala nageenyaa banametti fayyadamuun...

Qabeenyi guddaan dhala namaa kan homaanuu bakka bu'uu hindandeenyeefi daran qaaliin nageenyaafi tasgabbiidha. Dhabamuun nageenyaa gufuu misoomaafi waliin jireenya lammiilee ta'uu bira darbee guddina biyyaa quucarsuun gadadoo hinmalleef ummataafi biyya saaxila.

Daandiin nageenyaa hunda hirmaachisaafi badhaadhina waloo mirkaneessuun misooma biyyaa si'eesuu keessatti akkuma shoor olaanaa qabu faallaa kanaan ammoo nageenyi waara'uu dhabuun hawaasummaafi dinagdee biyyaa qofarratti osoo hintaane tokkoon tokkoo lammiilee waan miidhuuf dhimma qaalii kanaaf hunduu yeroo kamuurra xiyyeeffannoo kennee qaama nageenyaa waliin hojjechuu qaba.

Kanaaf nageenyi qabeenya waloo namoota hundaaf bu'uura jiruufi jireenya waan ta'eef nageenya akka biyyaatti hawwamuufi dheebotamaa jiru mirkaneessuuf mariifi marrabbaan walhubannaa uumuun hawaasni ijaaramee nageenyasaa akka eeggatu yeroo yeroon kutaa hawaasaa hunda mariisuu fi hubannoo uumuun murteessaadha.

Mootummaan ammaantana akkuma biyyattuu rakkoleen nageenyaa mudatan furmaata akka argataniif naannolee adda addaatti marii kutaalee hawaasaa hunda hirmaachise geggeessaa jira.

Mariin gaggeeffamaa jirus karaa heeraafi seera biyya keenyaa eegeen nagaafi tasgabbiin waarinaa akka dhugoomuufi ummanni nagaan bahee akka galuuf miira walhubannaafi bilchina qabuun gaggeeffamaa jira.

Garaagarummaa yaadaa mariidhaan tokkoomsinee nageenya biyyaaf ammoo miira gamtoomeen dhaabannee nagaafi badhaadhina egeree keenyaa waloodhaan dhugoomsuun qaroomina ta'uu hubannee hojjechuun dirqama hunda keenyaa ta'uus qaba.

Mootummaan tattaaffii nageenya waaraa mirkaneessuuf taasisaa jiruun qaamolee karaa seeraan alaa hidhatanii naannawwan adda addaatti argaman simachuuf harkasaa irra deddeebiin diriirsee, balbalasaa banee waamicha dabarseera.

Kanaanis tibbana miseensonni ABO Shanee ummata dararaa turaniifi qabeenya mancaasaa turan, harka kennaniifi booji'aman gocha raawwataa turanitti gaabbuun naga filatanii leenjii haaromsaa ji'a lamaaf fudhachaa turan xumuruun Roobii darbe, Magaalaa Shaashamannee, Kutaa Magaalaa Bishaan Gurraachaatti ummatatti akka makaman taasifameera.

Miseensonni ABO Shanee kuma tokkoofi 521 leenjii haaromsaa fudhatan kunniin yakka cimaa lubbuu namaa balleessuu, gudeeddiifi qabeenya ummata mancaasaa turanitti dammaquufi gaabbuun kanneen karaa nageenyaa filataniidha.

Mootummaan yeroo hedduu humnoonni hidhatan kamuu karaa nagaatiin akka harka kennataniifi ummatatti makamaniif waamicha taasisetti fayyadamuun karaa nagaati dhufanii jireenya idileetti deebi'an daran hedduudha.

Kunis balballi nageenyaa mootummaa yeroo hunda banaa ta'uufi kutannoo nageenyaaf qabu qabatamaan kan agarsiiseedha. Miseensonni ABO Shanee kunniin abbootii Gadaa fuulduratti badii raawwataniif ummata dhiifama gaafachuun nageenyaaf waardiyyaa dhaabachuun hojii misoomaa keessatti hirmaachuuf waadaa galaniiru.

Sirni dhiifamaafi waadaa galuus duudhaa Oromoon qabuu hordofee raawwatameera. Abbootiin Gadaa sirna dhiifamaafi waadaa galuu raawwachiisanis waadaa galan eeguun safuu Oromoon qabutti deebi'anii maatiisaaniitti makamuun jireenya idileesaanitti akka deebi'an dhaamaniiru.

Miseensonni ABO Shanee gochasaaniitti gaabbuun karaa naga filatan kunniinis, "Badii ummataafi biyyarratti raawwachaa turreef dhiifama gaafanneerra. Kana booda rakkoo nageenyaa uumamuuf sababa osoo hinta'in, qaama nageenya ummata keenyaa booresurratti ummataafi qaamoota nageenyaa waliin ta'uun irratti qabsaa'uuf qophiidha" jechuun ibsaniiru.

Itoophiyaatti nageenya waaraa mirkaneessuuf filannoo qofagaleessi mari'achuu, waldhaggeeffachuufi waliigaluudha, darbees inni dogoggorree karaarraa maqee ammas bosonatti hafe yoo jiraate balbala naga mootummaan banameefi harka nagaaf diriiretti fayyadamee waardiyyaa nageenyaa ta'uun of, ummataafi biyya baraaruu qaba.

Yaada



Adeemsi marii biyyaalessaa ilaafi ilaamee Oromoo wajjin walfakkaata

Saamraawit Girmaatiin

Komishiniin Marii Biyyaalessaa marii namoota addaddaa, hayyoota, barsiisota, kutaalee hawaasaa, hawaasa siviikii, abbootii amantiifi ogeessota garagaraa wajjin taasisu ittifufeera.

Dhiyeenyumallee abbootii Gadaa, haadhoolii Siinqeefi Waaqeffattoota wajjin haala hirmaannaafi adeemsa marii biyyaalessaa Naannoo Oromiyaarratti mari'ateera.

Gaazexaan Bariisaas hirmaattota waltajjichaa keessaa hayyoota lama Pirezidaantii Waldaa Amantii Waaqeffannaa Addunyaa Doktor Qana'aa Lammiifi Abbaa Gadaa Tuulamaa Duraanii Naggasaa Nagawoo dubbiseera.

Isaanis kaayyoo ijoo marii biyyaalessaa mari'atanii, waliigaltee uumuu ta'uu eeranii, Komishiniin Marii Biyyaalessaa akkaataa marii, waan irratti mari'atamuufi xiinsammuu, beekumsaafi meexannoo qaamolee addaddaatti adda qoodanii haasoofsisa turuu yaadachiisuun isaaniifis waltajjiin kun qophaa'uu ibsaniiru. Yaada galteef ta'u gumaachuus eeraniiru.

Biyya kana keessa bakki waliigalteen jiru akkuma jiru bakkeewwan muraasatti immoo waliigalteen hinjiru. Kanas maaltu waliigaltee dhoowwa, akkamiinis hiikna kan jedhurratti namuu waanuma barbaade dhimmoota addaddaarratti yaada kaasaa ture. Kanarraas yaadni galtee walitti qabamaa turuu himu.

Keessumaa Doktor Qana'aan akka nama dhuunfaa tokkootti adeemsi akkanaa sirna Gadaa Oromoo keessatti, "ilaafi ilaameedhaan" kan beekamu ta'uufi

caasaa mootummaa keessatti baratamaa dhufuu eeraniiru. Kun ta'uunsaa ammoo jajjabeessaa ta'uufi ummannis yoo ittifayyadame bu'aa buusuu akka danda'u dubbatu. Paartiileen siyaasaas kanarratti fedhii qaban agarsiisuusaanii kan jajjabeeffamu ta'uu ibsu.

Marichis sadarkaa sadarkaadhaan kan ittifufu ta'uufi waan namni hundi hirmaachuu hindandeenyeef bakka bu'ummaadhaan ajandaa tolchanii mariisuu waligalteerra akka ga'amu taasifama jedhan.

Mariin biyyaalessaa kun akka milkaa'uuf hunduu tumsuu akka qabu eeranii, isaan akka bakka buutoota Waaqeffannaatti yommuu hirmaatan duudhaa (value) ibsuusaaniif qaamni mariisises ittigammadee fudhachuu dubbatu. Fakkeenyaaf Waaqeffannaa keessatti "Dhugaan ilma Waaqi" jedhama. bakka dhugaan hinjirre, Waaqni hinjiru; bakka Waaqni hinjirremmoo nagaan hinjiru jedha jechuun ibsan.

Kanaaf isaanis dhugaa qabataniin akka hojjetan ibsuusaaniifi walamannu, amanamuun, walqixxummaadhaan loogii tokko maleessa kan jedhus qabataniin akka deeman ibsuusaanii himu.

Haaluma kanaan inni mar'iatus carraa kanatti fayyadamuun yaada hundaaf tahu dhiheessee yoo irratti mari'ate, warri mariisises yaada dhihaate loogii tokko malee fudhachuun akka hojiirra oolu yoo taasisan marichi milkaa'uu danda'a jedhu.

Gama biraatiin komishinichi leenjii waltaatotasaa Oromiyaatiif kenna ture xumuruu torban darbe beeksisuunsaa niyaadatama.



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Pireesii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii 1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa
Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22
Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waaahuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

Raawwiin hojii damee qonnaa ji'oota shanan darbanii jajjabeessaadha

- Hanga ammaatti qarshii biliyoona 52 hirpha guddistuu callaatiif ooleera

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Raawwiin hojii damee qonnaa ji'oota shanan darbanii jajjabeessaa ta'uu Minsteerri Qonnaa ibse

Ministirri Qonnaa Doktor Girmaa Amantee raawwii ministeerichaarratti Kamisa darbe gaazexeessitootaaf akka ibsanitti, qabeenya uumamaafi haala mijataa biyyattiin qabdu bu'ura godhachuun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuuf raawwiin hojii qonnaa ji'oota shanan darbanii jajjabeessaadha. Bittaa xaa'oo kuntaala miliyoona 15.8 raawwatamuu walqabsiisuun ibsaniiru.

Akka ibsasaaniitti, sagantaa omisha midhaaniifi holtiikaalcharii jalatti qonna gannaattiin lafa hektaara miliyoona 17.5 sanyiidhaan uwwifameera. Hanga ammaatti lafa hektaara miliyoona 11.89 irraa omisha sassaabameen callaa kuntaalli miliyoona 140 argameera.

Hojii damee qonnaa bara 2016/2017tti guddistuu callaa kuntaala miliyoona 19.4 bituuf eeyyamame keessaa kuntaalli miliyoona 15.8 bittaansaa raawwateera. Kan bitame keessaa kuntaalli kuma 380 ol



Suurri Barrihun Taaddalaa

ta'u buufata doonii Jibuutii ga'uun, metirik tooniin 255fi 206 biyya keessa galeera. Raabsi guddistuu callaa biyya keessa seenee karaa waldaalee akka gaggeeffamu himanii; toonii 63,825.48 karaa waldaalee hojii gamtaa raabsameera. Walumaagala mootummaan waggoota sadan darban keessatti qarshii biliyoona 52 hipha guddistuu callaa oolchuu ibsaniiru.

Misooma beeyladaafi qurxummiin walqabatee aannan liitira miliyoona

5,726, foon toonii 328.2, killee (buuphaa) miliyoona 3,055, foon lukkuu toonii kuma 88.8, qurxummuu toonii 38.4 baatiiwwan shanan darbanitti omishuun danda'ameera.

Raawwii misoomaafi ittifayyadama qabeenya uumamaatiin walqabatee biqiltuuleen biliyoonni 7.5 dhaabamaniiru. Madaallii koreen teknikii biyyaalessaa gaggeesseen biqiltuuleen dhaabaman dhibbanataa 85 qabachuu himanii; bara 2106/2017tti naanoleen karoora hiixataa baafachuun biqiltuu biliyoona 9 qopheessuuf hojjechaa jiraachuu ibsaniiru.

Naannolee hundatti hojii qonna qamadii bonaa lafa hektaara miliyoona sadii qotuun callaa kuntaala miliyoona 117.33 argachuuf hojjetamaa jira. Hanga ammaattis lafa hektaara miliyoona 2.4 qonna aadaafi makaanaayizeeshinii fayyaadamuudhaan qotamerraa hektaarii miliyoona 1.9 sanyiidhaan uwwifameera.

Akka waliigalaatti sassaabbii omishaa kutaalee biyyaatti gaggeeffamaa jiru dabalatee hojiin damee qonnaa baranaa kan ji'a shanii jajjabeessaa ta'uu ibsa kennamerraa hubachuun danda'ameera.



"Bishooftuun magaalaa waa maraan carroomtedha"

- Obbo Alamaayyoo Asaffaa

Bishooftuu: Bishooftuu magaalaa waa maraan carroomte ta'uu kantiibaan magaalatti Obbo Alamaayyoo Asaffaa ibsan.

Obbo Alamaayyoon guyyaa kabaja Humna Qilleensa Itoophiyaarratti argamuu Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, magaalaa Bishooftuu bakkeewwan hawwata tuuriizimii hedduu qabaachuun cinatti Finfinneerraa fageenya gabaabaarratti argamuunshee daawwatoota keessaafi biyya alaa filatamtuu taateetti.

Xiyyeeffannaa mootummaan kenneen bu'uraaleen misoomaa hedduunis hojiitti jiru. Haalli qilleensa mijataa uumamaan qabdurraa kan ka'e hojjetanii duroomuufis ta'e bakka jireenyaaf daran mijooftuudha.

Akka isaan jedhanitti, Bishooftuun magaalaa jiddu gala aadaa, dinagdeefi tuuriizimiiti. Mallattoo birmadummaa biyyattii kan ta'e buufatni Humna Qilleensa magaalaa kanatti argamuunsaa kabajaafi miidhagina magaalattiiti. Kabaja guyyaa Humna Qilleensa Itoophiyaa sababeeffachuun keessummootni biyya alaarraa dhufan gama tokkoon madda galii magaalatti gama birootiin ammoo maqaa gaarii biyyattii biyyootatti beeksisuuf shoora olaanaa taphata.

Ayyaana guddaa saba Oromoo kan ta'e ayyaanni Irreechaa ummata golee addunyaa arfanuurraa walitti dhufuun magaalattii keessatti kabajamuunsaa miidhagina addaa uumuun cinatti sochii dinagdee magaalattiis ta'ee kan biyyaa daran dammaqsa kan jedhan Obbo Alamaayyoon; kanaan walqabatee sochiin investimantii jirus haala gaariirra jiraachuu dubbataniiru.

Agarsiisni balalii xayyaaraa Afrikaa kun waggaa waggaa magaalaa kanatti taasifamuun Bishooftuu bira darbee biyyattii fuu duuniyaa waa maraati jedhanii; Humni Qilleensa Itoophiyaa kufaatii hamaa dandamatee har'a maqaa gaarii horatee biyyoota addunyaa keessummeessuu ga'uunsaa akka kantiibaa magaalattis akka lammii biyyattiittis kan isaan gammachiise ta'uu ibsaniiru.

Misooma biyya tokkoo dubbachuun dura dhimmi nageenyaa dhimma angafa ta'uu dubbatanii; nageenya biyyaa aggaammii diinotaarraa qolachuun Humni Qilleensaafi teknoolojii yeroon gaafatu qabaachuun

Suurri Daanyee Abarraatiin



Kaadhimamtuu Qondaalaa Ayinaalam Ascannaqii



Ju'eek Daawwit Taaddasaa



Ju'eek Lulee Lammaa

Dhaloota hawwii ganamaa dhugoomfataniifi birmadummaa biyyaaf onnatan

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Bishooftuu: Fedhiin akka allaattiiwwanii samii keessa barrisuu barootaaf dhala namaa keessa bule obbolaa lameen lammii Ameerikaa Olbaraayitiifi Wilbaraayitiin dhugoomme waa hedduu jijjiireera. Fedhiin dhala namaa samii keessa balali'uu qofatti daangeffamuun hafee yeroo ammaa kana xiyyaarri meeshaa waraanaa ta'uun haala dirree lolaa jijjiirraa jira.

Har'as kan geejibaa haa ta'uu kan waraanaa fedhiin balaliisaa xiyyaaraa ta'uu filannoo namoota hedduu ta'ee jira. Yeroo ammaa hanga xiyyaara waraanaa biyyi tokko qabdu olaantummaa biyya sanaa daran murteessa. Yeroo xiyyaarri tokko tooftaa waraanaa

salphisuun humnoota lafoo hedduu bakka bu'ee raajii dalagu keessa jirra. Tooftaan lolaa guddina teknoolojii faanaa tarkaanfachuun xiyyaara nama maleeyyii hanga lola saayibarii dhaqqabuu danda'eera.

Tibba darbe guyyaa kabaja Humna Qilleensa Itoophiyaa waggaa 88ffaa sababeeffachuun Dhaabbatni Pireesii Itoophiyaa namoota ogummaa xiyyaara balaliisuun eebbifaman tokko tokko waliin turtii taasiseera.

Kaadhimamtuu Qondaalaa Ayinaalam Ascannaqii bara 2010tti Humna Qilleensaatti makamte. Ijoollummaatti sagantaa poolisii dhiyaatu hordofaa turuunshee Huma Qilleensaatti makamuuf ka'umsa isheef ta'uu dubbatti. Wayita

Humna Qilleensaatti makamtu akka har'aa waan hunduu mijataafi guutuu hinturre. Ta'us, qixa dhiiraa jabaatee hojjechuun bu'aa ce'ii hedduu booda milkaa'uusheetti daran gammaddi.

Ju'eek Daawwit Taaddasaa ammoo ogummaa lola elektirooniksiifi to'annoo raadaaraan qabxii olaanaan eebbifame. Akka inni jedhutti, balaliisaa xiyyaaraa ta'uun fedhiisaa qofa osoo hintaane kadhannaasaa ture. Ulaagaa kanaan isa ga'urrattis jabaatee hojjechuusaatiin ulaagaa dhiyaate hunda ga'umsaan keessa darbuun hawwiisaa ganamaan walitti ba'e.

Xiyyaara balaliisuu qofti ga'aa akka

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Mudde 13 Bara 2016



**Tumaawwan Seera
Aadaa**

fuula **9**



**“Ejjennoo Misir
calaqqisaa jirtu
ijaarsa hidha
Abbayyaarratti
dhiibbaa tokkollee
hinqabaatu”**

- Obbo Muusaa Sheekkoo
(Ogeessaafi Xiinxalaa Siyaasa Bishaanii)

fuula **6**



**“Waldaaleen hojii
gamtaa egeree
dinagdee biyyattii
keessatti shoorra
olaanaa qabu”**

- Obbo Hayilee Gabree

fuula **8**

KEESSUMMAA BARIISAA

“Ejjennoo Misir calaqqisaa jirtu ijaarsa hidha Abbayyaarratti dhiibbaa tokkollee hinqabaatu”

- Obbo Muusaa Sheekkoo

(Ogeessaafi Xiinxalaa Siyaasa Bishaanii)

Bayyanaa Ibraahimiin

Baadiyyaatti barnoota amantii Islaamaa sirnaan barachuudhaan magaalaa guddoo Itoophiyaa Finfinneetti, Afaan Arabaa barsiisuu kan danda’an, dhaabbilee gurguddoo kanneen akka Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniifi Gamtaa Afrikaa keessatti hojjachuuf carraa kan argataniifi dandeettii Afaan Arabaa irratti horatan kanaan immoo yeroo biyyattiin hidha guddichaan walqabatee dhiibbaa guddaa jala turtetti olola sobaa biyyattii irratti adeemsifamu fashaleessuudhaan dhugaa Itoophiyaa Addunyaa ifsa kan turaniifi jiran, yeroo ammaatti immoo Biroom Kominikeeshiinii Oromiyaatti Hogganaa Ittaanaa biirichaa kan ta’an Obbo Muusaa Sheekkoo keessummaa Bariisaa torbee kanaati.

Bariisaa: Keessummaa Gaazexaa Bariisaa maxxansa torbee kanaa ta’uuf eeyyamamoo ta’uu keessaniif galatoomaa jechaa, mee jalqaba iddoo dhalootaafi haala guddina keessaniirraa eegalluu?

Obbo Muusaa: Isinis dhimma faayidaa biyyaarratti yaada kiyya fudhachuuf dhufuu keessaniif galata qabdu. Ani Muusaa Sheekkoo naan jedhan. Kan dhaladhee guddadhes Godina Arsii Lixaa, naannawa magaalaa Adaabbaatti. Barnoota kiyya sadarkaa duraa ganda baadiyyaa keessa Mana Barnootaa Haqoo Qarraa jedhamutti eegaleen hanga kutaa afuraffaatti achumatti baradhe. Kutaa shanaffaafi jahaffaa immoo magaalaa Roobeettin baradhe. Akkuma sadarkaan barnootaa dabalaa deemuun immoo boodarra kutaa torbaffaarraa kaasee Finfinneettin baradhe.

Gara Finfinneetti dhufuun dura garuu haala guddina kiyyaa akkuma ati na gaafatte siif haa ibsu. Naannawa ani itti dhaladhe sana hidha maddisiisa anniisaa ibsaa Malkaa Waakkannaatu jira. Kunis kan hidhame laga Waabee irratti. Kanaaf ani ijoolummaakoo irraa kaasee waa’ee lageeniifi haala isaan hidhamuudhaan madda anniisaa humna ibsaa ta’uu danda’aniin taajjabaan guddadhe.

Laga Waabee iddoo hidhi Malkaa Waakkannaa irra jiru sanatti ijoollee hedduu taanee gamaafi gamasitti ce’aa taphachaafi itti bashannanaa guddanne. Umurii daa’imummaa sanatti bifa bashannanaatiin haa ilaallu malee akkuma umuriin keenya dabalaa deemuun faayidaa hidhi sun akka biyyaafi naannawaa sanaatti ummataaf kennuu danda’u dhiheenyaatti hubachaafi qalbeeffachaan guddadhe.

Haala kanaan guddachuunkoo immoo yeroo ammaa akka waliigalaatti faayidaa lageen Itoophiyaafi gahee isaan jiruufi jireenya ummata biyyattii fooyyeessuuf qaban sirnaan akka hubadhuuf nagargaareera jechuun ni danda’ama.

Bariisaa: Kanaafuu waggoota shanan darbaaniif mirga Itoophiyaan laga Abbayyaarraa fayyadamuu qabduun



Suurri: Haaddush Abrahah

walqabatee falmiin isin taasisaa turtanis haaluma guddina keessan kanarraa madda jechuudhaka?

Obbo Muusaa: Sirritti malee! Maal sitti fakkaate, hubannoon ani daa’imummaa koorraa eegalee qarqara laga Waabeetti hidha Malkaa Waakkannaarratti horadhe sun dhawata dhawataan akkuma umuriinkoo dabaluu fi beekumsikoos ida’amaa deemuun cimaa dhufuun falmii waggootan afraniifi shanan darban dhimma hidha laga Abbaayya irratti miidiyaa guddoo biyyoota alaa irratti dhihaachuudhaan faayidaa Itoophiyaatiif akkan falmu daandii naaf saaqeera.

Haalliifi bakki guddinakoo haalan amma keessa jiruuf shooraa olaanaa kan taphate ta’us, dabalataan immoo afaanota biyya alaa keessattuu Afaan Arabaa sirnaan barachuunkoo fi muuxannoo gabbataa achirratti qabaachuunkoo falmii hidha guddichaan walqabatee miidiyaa biyyoota alaa keessattuu kanneen Afaan Arabaatiin dalagan waliin taasisaa turrefi jiruuf shooraa dabalataa taphateera.

Kana qofaa osoo hintaane, hawaasni bal’aan naannawa sana jiru waa’ee lageeniifi faayidaa isaan dinagdee biyya tokkoo irratti qaban sirnaan akka hubatuuf carraa waan argateef, yeroo ani miidiyaa gurguddoo addunyaa irratti dhiyaadhee waa’ee laga Abbaayya irratti falmii taasisu maal akka

ani haasa’aa jiruufi sababa maaliitiif akkan haasa’us sirnaan hubatu.

Bariisaa: Afaan Arabaa erga gara Finfinneetti dhuftanii bartan moo baadiyyaadhumatti bartan? Hanga ammaa afaan kanaan eessa eessa hojjattan?

Obbo Muusaa: Ergan Finfinnee dhufee barnootuma idileen barachuu itti fufe malee barnoota Afaan Arabaa irratti waanin baradhe guddaa hinqabu. Gaafuma baadiyyaa jirru barnoota idilee cinatti barnoota Amantii Islaamaa barachuun naannawa sanatti beekamaadha. Kanaaf inumayyuu barnoota idilee caalaa barnoota amantii irratti xiyyeeffadhee akkan baradhuuf gama maatiitiinis fedhiifi deeggarsi waan tureef afaan Arabaa sirnaan kanin baradhe biyyumatti malee Finfinneetti miti.

Barnootakoo akkuman xumureen carraa barnoota sadarkaa olaanaa Yunivarsiiti Jimmaatti barachuu argadhuus, hojjiwwan gara garaa hojjechaa waanin baradhuuf gara Jimmaatti osoo hindeemiin, asumatti hafee kolleejjota dhuunfaatti barachaa hojjiikoos cinatti itti fufsiisuu danda’eera.

Ergan gara Finfinneetti dhufee carraa garagaraatti fayyadamuun leenjiiwwan gaggabaaboo hubannoon afaanicharratti qabu gabbisan fudhachuun garuu waanuma

jiruudha. Finfinneetti ergan galee booda irra jireessaan barnootuma idilee barachuun keessattuu gama ogummaa kompiwutaraatiin digirii duraa argachuufi dabalataanis akaakuuwwan barnootaa birootiinis digirii qabaadhuus yeroo ammaa digirii lammataa hojjachaan jira.

Gara gaaffii keetti yemmuun deebi’u, ergan gara Finfinneetti dhufee gara sadarkaa kolleejjii ga’een booda barnoota idilee cinatti Afaan Arabaatiin beekumsa gaarii horachuu kootiin dhaabbilee guddoo garagaraa keessa hojjechuuf carraa argadhee jira.

Wanti si ajaa’ibu garuu namni hedduun yeroo ani dhaabbilee garagaraa guddoo ta’an keessatti Afaan Arabaatiin hojjechuufi miidiyaa guddoo irratti afaanichaan falmuufi barreessuuf akka waan ani afaan kana yunivarsiiti guddoo biyyoota Arabaa keessatti baradheetti fudhatu. Ani garuu Afaan Arabaa kanin baradhe baadiyyuma dhaloota kooti malee yunivarsiiti biyyoota Arabaati miti. Barnoota koo idileeyyuu kanaan sirnaan barachuu eegale erga barnoota amantiifi afaan Arabaa sirriitti qalbeeffadheen booda. Koorsiiwwan gaggabaaboo waggaa tokkoofi lama biyyoota alaatti akka dabalataatti fudhadheen ala beekumsa Afaan Arabaakoos kan argame biyyuma keessatti, sanuu baadiyyuma keessatti jechuudha.

Dhaabbilee ani keessatti tajaajilaa ture keessaa immoo Gamtaa Afrikaa, Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniifi Komishiinii Misooma Afrikaafaa maqaa dha’uun ni danda’ama.

Bariisaa: Gara hojii dippilomaasii hidha laga Abbaayya kana hoo akkamiin dhuftan?

Obbo Muusaa: Maal sitti fakkaate, waggaa shanan har’aa yemmuu falmiin hidha laga Abbayyaatiin walqabatee ka’u sana ani imbaasiwwaniifi dhaabbilee garagaraa keessatti firilaansiifi dhaabbidhaan hojjechuun alatti muuxannoo miidiyaa kanas hinqabun ture.

Boodarratti dhiibbaa Itoophiyaan qabeenyashee kan ta’e laga Abbayyaatti akka hinfayyadamneef biyyootni alaa keessattuu biyyoonni Arabaa taasisaa dhufan akka anin gara miidiyaatti dhufee faayidaa biyyakootiitiif falmuuf na dirqamsiiseera. Ni yaadatta yoo ta’e yeroo sanatti gama Misiriinis ta’ee miidiyaa faayidaa Misir deggaraniin dhiibbaa guddaan miidiyaa addunyaatiin taasisamaa kan ture Afaan Arabaatiini. Itoophiyaan immoo yeroo sanatti namoota Afaan Arabaatiin faayidaa biyyaatiif miidiyaa kanneenirratti falmii gageessan gahaa hinqabdu turte.

Kanaaf anis beekumsa kootiin yeroo itti biyyakootiif waan gaarii hojjachuu danda’u ta’uusaa hubachuudhaan hiriyootakoo

Gara fuula 7tti

KEESSUMMAA BARIISAA

Ejjennoo Misir calaqqisaa jirtu...

kanneen akka Mahaammad Al Arusiifaa waliin taanee faayidaa hidha laga Abbayyaa irratti biyyootni Arabaa sirnaan hubannoo akka argataniif afaanuma isaan dhagahaniin falmutti galle jechuudha.

Yeroo Misir soba ishee dhugaa fakkeessitee himatutti, Itoophiyaan immoo dhugaashee ummata Arabaatiif afaan isaan hubachuu danda'aniin ibsuu dadhabde sanatti haallit ture xiiqqi keessa waan nu galcheef gara hojii dippilomaasii laga Abbayyaa kanatti gallee sa'aatii 24f hojii dhaabbii taasifanne jechuudha.

Bariisaa: Erga isin ijoolleen biyyaa gara hojii dippilomaasii hidhaa laga guddichaatti galtaniin booda maaltu jijjiirame faayidaan dhufe jira jettanii yaaddu?

Obbo Muusaa: Faayidaafi jijjiirama olaanaatu dhufe malee. Erga ana dabalatee namoota muraasa taanee ijoolleen Afaan Arabaa sirriitti dandeenyu miidiyaa isaanii irratti dhihaachuun ijaarsi Itoophiyaan laga Abbayyaa irratti gaggeessaa jirtu maal akka ta'e, faayidaan inni biyyaaf qabuuf dhiibbaa tokkollee biyyoota yaa'a gadii kanneen akka Misir irratti akka hinqabneefi ololli gama Misiriin hafarfamu immoo soba ta'uusaa hubachiisuu eegallee booda ilaalcha biyyootni Arabaa Itoophiyaa irratti qaban harki caalu akka geeddaramu taasisuun danda'amee jira.

Mahaammad Al Arusii, Zayid Ziidaan, Ustaaz Jamaal Bashiir, Abdu Shukur Abdusamadiifi Nuuraddiin Abdaafaa namoota ciccimoo nuwaliin ta'ani miidiyaa guguddoo addunyaa irratti dhihaachuun dhugaa Itoophiyaan qabdu addunyaaf ibsuun ololli sobaa Misir Itoophiyaa irratti gaggeessaa turte immoo soba ta'uusaa kanneen addunyaafi biyyoota Arabaa hubachiisaa turaniidha.

Kanaaf bifa walii galaatiin yemmuu ilaalamu erga ana dabalatee namootni muraasni Afaan Arabaa sirriitti danda'an gadi baanee dhimmoota faayidaa laga Abbaayyaa irratti olola sobaa Misir dura dhaabbachuun dhugaa hidha haaroomsa Itoophiyaa guddicha addunyaaf ibsuu jalqabnee booda jijjiiramni ilaalcha guddaan biyyoota Arabaa Itoophiyaa irratti qabaataa turan hundeedhaan akka jijjiiramuuf carraa guddaa uumeera jechuun ni danda'ama.

Bariisaa: Dhimmuma bishaanii kanaan kan walqabatu Itoophiyaan qabeenya bishaanii hedduu qabaattus yeroo ammaa kana ulaa galaanaa hinqabdu. Kana argachuuf mirga akka seeraafi seenaatti Itoophiyaan qabdu akkamitti ibsitu?

Obbo Muusaa: Gaaffii Bareedaa na gaafatte. "Itoophiyaan buufata galaanaa yookiin bulaa galaanaa argachuuf mirga qabdi moo hinqabdu? Mirga ni qabdi yoo ta'e hoo mirgi kun kan karaa seeraati moo kan karaa seenaati?" isa jedhu sirriitti ilaaluun baay'ee barbaachisaadha. Jalqabarratti gama seenaatiin mirga Itoophiyaan ulaa galaanaa naannawa Galaana Diimaatti qabdu yemmuu ilaallu, barreessitootni gurguddoon akka addunyaatti beekaman hedduu seenaa Itoophiyaa yemmuu barreessan waa'ee Galaana Diimaa biraa hambisanii hinbeekan, maqaa Itoophiyaa yeroo hunda galaana diimaadhaan walitti hidhani kaasu. Kanaaf

seenaan Itoophiyaa kanaan duraa hundi Galaana Diimarraa gargar bahee yeroon itti barreeffame waan hinturreef, seenaan waa'ee Itoophiyaa irratti barraa'ee Galaanni Diimaan keessa hinjirre immoo akka seenaa hir'uutti kan fudhatamudha. Seenaa kamuu keessatti Itoophiyaan Galaana Diimaa irratti ulaa galaanaa yookiin buufata galaanaa qabaachuudhaaf mirga seenaa akka qabdu kan agarsiisuudha.

Gama seeraatiin yemmuu ilaallu immoo, yeroo biyyi Ertiraa sirna kolonii Xaaliyaan jalaa baatee konfedereeshiniidhaan Itoophiyatti makantu waliigaltee barraa'etu jira. Akka carraa ta'ee yeroon sun yeroo Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii itti hundaa'eefi Itoophiyaan immoo biyyoota dhaabbata hundeessan keessaa ishee tokko waan turteef, Ertiraan kolonii Xaaliyaaniitiin booda maal ta'uu akka qabduufi Itoophiyaa waliin immoo hariiroo akkamii qabaachuu akka qabdu waan dhaabbata keessatti galmaa'etu jira.

Kunis maaliidha yoo jette, keessattuu dhimma Galaana Diimaatiifi buufata Asabiin walqabatee, Itoophiyaan galaanicharratti buufata qabaachuudhaaf yookiin isa jirutti fayyadamuudhaaf mirga akka qabdu waliigaltee dhaabbata keessatti taa'ee jira. Waliigaltee yeroo sana waliin jireenya Itoophiyaafi Ertiraa irratti yeroo sana Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii keessa taa'etti yoo deebinu waan hedduu arguu dandeenya.

Kana waan ta'eef, gama seeraatiinis yemmuu ilaallamu Itoophiyaan ulaa galaanaa yookiin buufata galaanaa Galaana Diimaa irratti qabaachuuf yookiin immoo isa jirutti fayyadamuuf mirga gama seeraas akka qabdu asirraa hubachuun ni danda'ama jechuudha.

Dhimma kanarratti ogeessoni seeraa keeyyata waliigaltichaa sana baay'isuudhaan ummatni akka sirnaan hubatu taasisuu keessatti ammas shoorasaanii akka bahataniif dhaamsa dabarsuun barbaada.

Gama biraatiinis, gaafa Ertiraan konfedereeshiniidhaan Itoophiyaatti makantus waliigaltee dhimma ulaa Galaana Diimaa irratti biyyoota lameen gidduutti barreeffametu jira. Kunis Itoophiyaan ulaa galaanaatiif galaana diimaa fayyadamuudhaaf mirga haqaa akka qabdu walii galtee mirkaneessuudha.

Seenaa yeroo as dhihootti yemmuun siif deebi'u immoo, bara 1984tti yemmuu Ertiraan Itoophiyaa irraa fottoqxee biyya ofdandeesse taatee hundoofutti waliigaltee biyyoota lamaan gidduutti mallattaa'etu jira. Kunis, iddoon argama yookiin bakki Galaanni Diimaan itti argamu lafa Itoophiyaa ta'uu yoo baateyyuu, itti fayyadamuudhaaf garuu mirga guutuu akka qabdu waliigaltee sanarratti ifaan taa'ee jira.

Kana qofaa miti. Boodarratti yeroo waraanni Itoophiyaafi Ertiraa gidduutti adeemsifamaa ture xumuramee Aljarsiitti gara waliigaltee araaraatti galamus dhimma fayyadamummaa Galaana Diimaa irratti waan taa'etu jira. Kunis dhimmoota araaraa waraanichaan alatti Itoophiyaan ulaa galaanaa naannawa Galaana diimaatti fayyadamuuf mirga akka qabdu akkuma seerotaafi walii galteewwan sanaan dura biyyoota lameen gidduutti



taasifamaniitti kan eeyyamuudha.

Kana waan ta'eef, gama seenaatiin seenaan Itoophiyaa kamuu Galaana Diimaa waliin ka'uunsaa'ii seenaan biyyattii Galaanni diimaan keessa hinjirre seenaa hir'uu ta'uunsaa, doonniwwan Itoophiyaa hanga ammaatti galaanicharratti argamuunsanii, waggoota dheeraadhaaf Itoophiyaan humna waraanaa galaanaas naannawa sanaa qabaachuunshee gama seenaatiin mirga Itoophiyaan galaana sanarraa qabdu kan agarsiisuudha.

Dabalataan immoo haqa siyaasaa waan jedhamutu jira. Kana jechuun dhiheenya bakka sanarraa qabdu qofaan haqa siyaasaa biyyi tokko iddoo murtaa'e tokkorraa qabdu jechuudha. Akka fakkeenyaatti yemmuu siif kaasu, biyyootni akka Raashiyaa, Saawudii Arabiyaa, Araboota Gamtoomaniifi kanneen biroo fageenya dheeraa imalanii dhufuudhaan Galaana Diimaa irratti buufata waraanaa hundeeffataniiru.

Jarri kun hundi fageenya isaan Galaana Diimaa irraa qabaniin yemmuu madaalaman iddoo sanatti fayyadamuudhaaf ykn buufata galaanaa ijaarachuuf haqa siyaasaa hinqaban. Haa ta'uu malee biyyoota dinagdeefi humna waraanaatiin of cimsan waan ta'aniif iddoo sanatti buufata ijaarachu irraa kan isaan dhorke hinjiru.

Itoophiyaan immoo Galaana Diimaa irraa kiiloommeetira 60 qofa fagaattee kan argamtu waan taateef galaanichatti fayyadamuuf haqa siyaasaa qabdi jechuudha.

Kanaaf, gama seenaatiin, gama seeraatiin, haqa siyaasaatiiniifi ulaagaalee jiran hundaan yemmuu ilaallamu Itoophiyaan galaana diimaa irratti ulaa galaanaa argachuudhaaf mirga haqaa akka qabdu kan mirkaneessaniidha.

Bariisaa: Dhumarratti, mariin torbee kana hidha guddicharratti Finfinneetti taasifamaa ture waliigaltee malee bittinaa'uun ijaarsa hidhichaa irratti dhiibbaa akkamii qaba laata?

Obbo Muusaa: Dhiibbaa tokkollee hinqabu. Mariin taasifamaa ture kun kan har'a eegale osoo hintaane waggoota 11f kan adeemsifameedha. Mariiwwan hanga ammaatti taasifamaa turan hunda kan gufachiisaa tures Misiruma. Kun immoo ilaalcha dulloomaa waliigaltee bara sirna kolonii Ingiliiz mallattaa'e sana hawwurraa kan madduudha.

Akkuma duratti siif kaasuuudhaaf yaaletti injifannoowwan gama dippilomaasiitiin waggootan afuriifi shanan darban kana keessatti hidha guddichaan walqabatani hojjatamaniin irra jireessi addunyaa haqa Itoophiyaa hubachuu danda'eera. Hubachuu qofa osoo hintaane immoo amanees fudhachuu danda'eera.

Kana waan ta'eef sochiin Misir yeroo ammaa addunyaa gowwoomsuufi biyyoota Arabaa Itoophiyaa irratti kakaasuudhaaf hojjetu kamiyyuu kanaan booda waan milkaa'uu miti. Sababnisaa waggootan shanan darbanitti ummata Afaan Arabaa dhaga'u hundaaf hojii miidiyaa guguddoo addunyaa fayyadamuun hojjetameen hunduu dhugaa Itoophiyaafi haqa Itoophiyaan hidha laga kanaatiin walqabatee qabduurratti hubannoo sirrii horachuu danda'ee waan jiruufi.

Kana waan ta'eef mariin torbee kanaa kun waliigalteedhaan guduunfamuu baatus dhiibbaan inni ijaarsa hidhichaa dhibbantaa 96 irra gahe kanarratti qabu tokkos hinjiraatu.

Bariisaa: Yeroo bal'aa nuu kennitaniif irra deebinee galatoomaa jenna.

Obbo Muusaa: isinis ulfaadhaa!

Abbaa Sa'aa



Hirmaattota yaa'ichaa keessaa

“Waldaaleen hojii gamtaa egeree dinagdee biyyattii keessatti shoora olaanaa qabu”

- Obbo Hayilee Gabree

Saamraawit Girmaatiin

Biyya dinagdee haqaqabeessi hinjirre keessatti guddinni barbaadamuufi fayyadamummaan lammilee qixa ta'e dhufuu hindanda'u. Akka biyyaatti qofa osoo hintaane akkuma addunyaattuu dinagdee haqaqabeessi dhibuusaatiin biyyoota Lixaafi Bahaa gidduutti addaddummaa olaanaan uumamee ture.

Kana malees fedhiifi dhiheessii walsimuu dhabuunsaa qaala'inni jireenyaa akka mudatuufi haqaqabeessummaan dinagdee akka hinjiraanne taasisuudha hayyoonni damichaa kan dubbatan. Kanaaf ammoo dhiheessiiratti xiyyeffannoo olaanaa kennanii hojjechuun murteessaa ta'uus ni gorsu.

Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa torban darbe guyyaa Waldaalee hojii gamtaa mata duree “Hojii Gamtaa Guddina Waara'aaf” jedhuun yeroo 5ffaaf Adaamaatti sagantaalee garagaraatiin kabajeera. Sirnicharrattis hundeesaan baankichaafi Abbaa Waldaa Hojii Gamtaa jedhamuun kan beekaman Obbo Hayilee Gabree barreeffama marii “Fuulduree dinagdee Itoophiyaafi gahee waldaalee hojii gamtaa” jedhu dhiheessaniiru.

Akka isaan jedhanitti, wayita ammaa dinagdeen Itoophiyaa waggaa 90 dura dinagdee addunyaatti hidhame. Falaasamawwan siyaasaa addunya dhufaa darban keessattis qooda olaanaa kan qabu ture. Humnoota ciccimoofi ulfaatoo biyyoota Ardii Afrikaa miidhanillee waldaadhaan ta'uun wajjin hojjetaa ture. Sararri filannoo tures dorgomaa ta'uu waan tureef haala kanaan addunya waliin dorgommii keessa seenaa ture. Kana keessatti ammoo gaheen waldaalee hojii gamtaa olaanaa ture.

Waldaaleen hojii gamtaa amma jiranis cimani dhaabachuufi dinagdee addunya wajjin dorgomuuf hunda dura beekumsaan ijaaramuu akka qaban eeranii, kunimmoo hundeeffama dura qorannoorraa kaasee irratti hojjetamuu akka qabu himu. Akkasumas karoorra irra deddeebi'ame osoo hintaane kan alattillee hojjechiisuu danda'u ta'uu akka qabu eeru.

Kana malees omishummaa dabaluu murteessaa ta'uusaatiin caasaa waldaalee hojii gamtaa guyyaatti sa'aatii muraasa hojjetu osoo hintaane kan sa'aatii 14:00 ol hojjetu uumuu baannaan addunya waliin dorgomuun rakkisaa ta'uu kaasu. Kanaaf karoorri waldaaleen baafatan kana ilaalcha

keessa galchuu qaba.

“Inni biraan guddina ittifufinsa qabu fiduun waldaaleerraa waan eegamuudha. Kunis dhaadannoo qofa otoo hintaane ta'e gochatti hiikamuu qaba. Itoophiyaan biyyoota addunya waliin dorgomuu yoo barbaadde guddina dingadee amma jiru waggoota 20n dhufaniif %12-15 oliin guddisuu qabdi. Waldaaleen hojii gamtaa ammoo imala kana keessa kutannoon seenuu qabu. Omishawwan harkasaaniirraa qaban kan gurguramuufi kan geeddaramu taasisuun irra jiraata” jedhu.

Akka ibsa Obbo Hayileetti, bara kana akka abbootii duraanii sangaadhaan qotanii dhiheessuudhaan fedhiin omishaa guutuun waan hindanda'aamneef akkamiin tiraaktaroota kumaatamaan lakkaa'aman alaa galchinee omishaafi omishummaa keenya daballa kan jedhurratti hojjetamuu qaba. Akkasumas dhaabbata faayinaansii cimaa keessoofi alaa qabaachuun yoo danda'an waldaaleen dinagdee addunya waliin dorgomuu danda'u.

Baankii Waldaa Hojii Gamtaa Oromiyaatti, Sadarkaa Pirezidaantii Ittaanaatti, Daarektarii Kutaa Tajaajila Qonnaa Obbo Guutamaa Dibaabaa gamasaanii akka jedhanitti, kaayyoon kabaja Ayyaana Guyyaa Waldaalee Hojii Gamtaa, gumaacha waldaaleen hojii gamtaa guddina hawaas dinagdee biyyaa keessatti qaban hubachiisuufi walta'iinsa sochii waldaalee hojii gamtaa cimsuudha.

Guyyichi barana yeroo dinagdee addunya akkasumas kan biyyaa qormaatawwan adda addaatiin qoramaa jiru kanatti kabajamuun adda akka taasisu eeranii, waldaaleen hojii gamtaa qormaata akkanaa keessaa ba'uuf akkasumas, guddina ittifufinsa qabu mirkaneessuu keessatti gaheesani olaanaa ta'uu himu.

Rakkoowwan qaqqabiinsa faayinaansii qonnaan bultoonni waldaalee hojii gamtaa qaban hiikuudhaan humna dinagdee hawaasa baadiyyaa utubuu manii godhatee kan hundaa'e baankichis waggoota 19n darban keessatti qonnaan bultoota waldaalee hojii gamtaan gurmaa'anii, yuuniyeniin ijaaramaniif, tajaajila faayinaansii dinagdee qonnaan bulaa wabummaa liqirraa bilisaa kennuu, walitti hidhamiinsa omishaafi gabaas uumuun, darbees omishasaaniitti sona dabaluuun galii maluuf akka argatan, daldalasaanii babal'ifatanii akka sadarkaa idiladdunyaattis daldaluu danda'an maallaqaan utubuu, gorsa ogummaatiin

deggaruun, sochii hedduu taasissee milkaa'uu adeessu.

Akka isaan jedhanitti, baankichi ALA bara bajataa 2022/23tti tajaajila gorsaa waldaalee qonnaan bultootaaf kennu daran cimsuuf ogeessota saayinsii qonnaa baratan mindeessuun leenjiiwwan dabalataatiin ga'oomsuun gara tajaajila kennuutti akka seenan taasisera.

Kanamalees, qaqqabummaa tajaajilasaa babal'isuuf sochii taasisaa jiruun dameewwan 738 qabu keessaa dhibbantaa 80 ol Finfinneen ala yoo ta'u, keessattuu baadiyyaa bakka bu'uuraaleen misoomaa tajaajila baankiif barbaachisu hinjirretti, tajaajila baankii magariisummaa leellisu, humna anniisaa haaromfamaa fayyadamuun qe'ee qonnaan bulaatti dameelee likoo 50 banuun gama tokkoon aantummaa hawaasaaf qabu mirkaneessee dhaabbilee daldalaa biroofiltee fakkeenya gaarii ta'eera.

Baankichi humna dinagdee hawaasa baadiyyaa cimsuufi utubuuf hojmaata liqaafi qusannoo waldaalee hojii gamtaa ammayyeessuuf mosaajii (software) ‘SACCO- Link’ jedhamu hojiitti galchuudhaan waldaalee Hojii Gamtaa Liqaafi Qusannoo 15 ol ta'an fayyadamoo taasisuun danda'amu kaasu. Humnaafi dandeettii qonnaan bultoota waldaalee hojii gamtaa cimsuuf waggoota afran darbanitti waldaalee kuma tokkoofi 193, qonnaan bultoota kuma 12 oliif qarshii miliyoona 32 oliin leenjii hojmaata bizinasiisaanii fooyyessuu dandeessisu kennuu ibsu.

Waldaaleen hojii gamtaa kunneen tajaajilawwan hawaas dinagdee akka dhiyeessaniifi raabsa guddiftuu callaa, dhiyeessa meeshaalee tajaajilaa guyyuu hawaasni ittifayyadamaa jiruufi gabaas tasgabbeessuu keessatti gumaacha olaanaa qabani, hojiwwan sona dabaluu, rakkoo dhiyeessii faayinaansii furuu, aadaa qusannoo hawasaa guddisuu, hojiiwwan alergiiratti hirmaachuun sharafa alaa argamsiisuudhaan misooma biyyaa keessatti gumaacha olaanaa taasisaa jiraachuu Obbo Guutamaan ni ibsu.

Baankiin Hojii Gamtaa kabaja guyyichaatiin ala yaa'ii waliigalaa idileesaa 19ffaa adeemsifateera. Yaa'icharratti gabaasa waggaa kan dhiheessan walitti qabaa boordii baankichaa Fiqiruu Deeksisaa (PhD) akka jedhanitti, indastirii baankii Itoophiyaa keessaa adda duree kan ta'e Baankiin Hojii Gamtaa Oromiyaa, ALA bara

bajataa 2022/23tti guddina hundagaleessa galmeessiseen dorgomtummaasaa daran cimsee ittifufeera.

Baankichi bara bajataa kanatti olkaawwannaansaa, dhibbantaa 20.13n guddachuudhaan qarshii biliyoona 116.25 ol gahuufi baruma bajataa kanatti sektaroota dinagdee garagaraatiif qarshii biliyoona 31 liqiidhaan kennuu himanii, waliigalatti liqiin baankichaan kennamee ala jiru qarshii biliyoona 101.91 gahuu eeru. Akkasumas gibira dura bu'aa qarshii biliyoona 3.39 kan argate yoo ta'u, kunis kan bara darbee yeroo walfakkaaturraa caalmaa dhibbantaa 19.4 akka qabu ibsu.

Akka ibsasaaniitti, tajaajilawwan fedhii hawaasaa bu'uureffateefi qaqqabamaa ta'e dhiyeessuun bara bajataa kanatti dabalataan maamiloota miliyoona 2.24 horachuun baay'inni maamilaa baankichaa xumura bara bajataa kanatti miliyoona 11.2 gahuun baay'ina maamilaatiin baankiiwwan dhuunfaa keessaa adda durummaasaa cimsee ittifufeera.

“Kaappitaala aksiyoona dabalataa qarshii biliyoona 2.28 walitti qabachuun xumura bara bajataa kanatti kaappitaalli baankichaa waliigalaan qarshii biliyoona 10.02 gaheera. Qaqqababummaa maamilaa ilaalchisuun dameewwan baankichaa xumura bara bajataa kanatti 738 kan gahe yoo ta'u, gama dijitaalawaatiinis qaqqababummaasaa daran babal'isuun lakkoofsi waliigalaa herreega moobaayilaa hojiirra jiru miliyoona 4.8 qaqqabeera. Sochiin maallaqaa tooftaa dijitaalawaan taasisame, sochii maallaqaa waliigalaa baankichaa keessaa dhibbantaa 63.1 qabata” jedhu.

ALA hanga Waxabajjii 30, bara 2023tti qabeenyi waliigalaa baankichaa, qarshii biliyoona 140.3 ol qaqqabuu himanii, barattis tajaajilawwan fedhii maamilaa guutanii furtuu ta'an yeroo yerootti hawaasaaf dhiyeessuun, tajaajila faayinaansii kennamu qaqqabamaafi bu'aaqabeessa taasisuuf sochii gama teknoloojii baankii kalaquu akkasumas, qaqqababummaa faayinaansii mirkaneessuurratti hojjechaa jirutti milkaa'ina guddaa gonfachuu kaasu.

Kanamalees humna dinagdee hawaasa baadiyyaa utubuuf sochii gama tajaajila faayinaansii kenna jiru cinaatti, ogeeyyii ogummaa qonnaa qaban mindeessuun, deggersa ogummaa dhiheeniyatti kenna jiru daran cimsee kan ittifufu ta'uu himu.

AADAIFI AARTII

Tumaawwan Seera Aadaa

Tumaawwan Seera Aadaa Abbootii Gadaa, Haadholii Siinqeefi maanguddoota biyyaatiin Fulbaana 12 bara 2016 Godina Shawaa Kaabaatti qophaa'aniifi kan Ittigaafatamtuun Waajjira Aadaafi Turizimii Godinichaa, Meeroon Makonnin nuu ergan akka armaan gadiitti qindeessinee dhiyeessineerra.

Kutaa 1ffaa

Seensa

Jiruun dhala namaa oledhaan haata'uu dagaleedhan walxaxaadha. Bu'uura jiruu dhala namaa keessatti ilmi gahe ni fuudha, intalli geeche ni heerumti. Oromoon Fuudhaafi Heeruma kanaan jaarmiyaa jedha. Kanaaf Sirna Gadaa keessatti ilmi fuudhaaf gaheefi intalli heerumaaf geesse akkaataan ittiin jaarmiyaa kana ijaaran eerameera.

Laafuu Sirna Gadaarraa kan ka'e haalli fuudhaafi heerumaa ykn jaarmiyaan kun rakkoo hamaa keessatti kufeera. Sababuma kanaan haalli fuudhaafi heerumaa ykn jaarmiyaan kun rakkoo hamaa keessatti kufeera. Rakkoon laafina sirnichaaatiin dhufe fuudhaafi heerumaa qofaan kan ibsamu miti. Miidhaan keessumaa daa'imman durbaarra gahu, maatiin namni jalaa du'e baasii hinmalleef saaxilamuun, torban saawwaa seeraan kunuunsanii qabuu dhabuufi kkfn yeroo ammaa hawaasa keessatti nimul'atu.

Kaayyoo

- ◆ Dhaloonni haaraan kun jaarmiyaa sirna qabu ijaarratee, ilmaan horatee akka warra meetootti (hidda dhalootaa akaakilee duuba jiru) jiraachuu
- ◆ Daa'immaan keessumaa warri shamarranii maatii biraa kunuunsa barbaachisaa argachuu
- ◆ Torban saawwaa kunuunfamarii safuun isaanii eeggamee karaa seera qabeessa ta'een qanani ilma namaatiif ooluu

Mul'ata

- ◆ Hawaasa duudhaa ofitiif iddoo kennu horachuu
- ◆ Heerota Gadaa keessatti tumananii jiran akkataa barbaachisummaa isaatti hojiira oolchuu
- ◆ Dhaloota gaa'elaaf iddoo olaanaa kennee ilmaan horatee qanani'ee jiraatu horachuu

Galma

Dhaloota aadaa ofii beekke, beeksisee ittiin of ijaaree dirree isaarra nagaan jiraatu arguu,

Oromiyaa akka gaafa warra meetoo sanatti waan dhala namaatiif barbaachisu hundaan guutamte arguu,

Gaa'ela kabajaafi safuunsaa eeggamee dhaloonni ittiin walhoru arguu,

Rakkoo Fuudhaafi Heeruma keessatti yeroo ammaa mul'atu

- ◆ Kiisii ykn gabbara humnaa olii
- ◆ Daara baasa (uwwisaa) jedhanii daboo walitti kadhachuu
- ◆ Meeshaa intalli ittiin heerumtu jechuun,



meeshaa duudhaaf barbaachisuun alatti meeshaa humnaa olii bituun baasiidhaaf walsaaxiluu

- ◆ Dur hinjirree 'miinjee' dubaraa
- ◆ Dur hinjirree uwwisaa seeraan alaa
- ◆ Loomii geessa jechuun daboo walitti kadhachuu

Hacuuccaa daa'immanii

- ◆ Daa'imman hojii humnaa olii hojjechiisuu, umuriin isaanii osoo hingahin tiksee galchuu
- ◆ Ijoolleen shamarranii dirqisifamanii gudeedamuu
- ◆ Umurii malee heerumsisuu
- ◆ Shamarran daandiirratti bahanii hojii koorniyaa isaanitiin walhinginne hojjechaa jiraachuu

Rakkoo Torban Saawwaa muudachaa jiru

- ◆ Torban saawwaa keessa Fardi isa tokko. Oromoo biratti kunuunsa adda qaba. Sababni isaa Oromoon Fardaan lolee, lolchisee daangaa isaa kabachiifatee jira. Kanaaf beellada kana akka ilmaasaatti ilaaluun; Abbaa Bulloo, Abbaa Booraa, Abbaa Magaaliifi kan kana fakkaatan jedhee ittiin walwaama. Faallaa kanaatiin yeroo ammaa haadha Fardaa kan taate qalaamaan bal'inaan hinargamtu. Sanyiin kun itti fufuuf haadhi tun jiraachuu qabdi. Asitti immoo ilmi isheen dhalatte humnaasatii olittii gaarii harkisaa oola.

Rakkoo abbootii Gadaa biratti mul'atu

- ◆ Dhimmaa hawaasaa mogaatti dhisanii fedhii dhuunfatiif bitamuu
- ◆ Yeroo gumaa akka nyaachisaniif qaamni lubbuun namaa harkatti bade gaafate maallaqa hanga kanaa naaf kaffaltu malee hindeemu jechuun maallaqa humnaa olii gaafachuu
- ◆ Hojii uummataatiif osoo hintaane waltajjii mootummaatiif dursa kennu
- ◆ Faayidaa hinmalle argachuuf jecha garee lamaa, sadiitti walqooduun burjaajii uumuu

Rakkoolee armaan olitti eeraman furuuf sodaa jiru

- ◆ Rakkoolee armaan olitti eeraman miidhaa hawaas diinagdee isaan geechisan namni

hundi walqixa hubachuu dadhabuu

- ◆ Qaamni dhimmi abbummaan ilaallatu itti siiqee, rakkicha furuurra halaala dhaabbatee ilaaluu
- ◆ Qaama mootummaas ta'e mitmootummaa deeggarsa walii taasisee rakkoo kana furuurra maqaa adda addaa walii kennaa ooluu

Furmaata

- ◆ Waajjiraaleen Hawaasummaa, Aadaafi Turizimii, Dhimmi Dubartootaafi Daa'immanii, Manahojii Abbaa Halangaa, Poolisiifi Manni Murtii Aadaa walitti dhufanii waliin hojjechuu
- ◆ Abbootiin Gadaa, Haadholiin Siinqeefi maanguddoonni biyyaa rokkoon kun rakkoo hawaasa isaanii ta'uu hubatanii cichoominaan irratti hojjechuu
- ◆ Raawwiidhaaf akka tolu abbootiin Gadaa, haadholiin Siinqeefi maanguddoonni biyyaa seera adabbiiwwan adda addaa sodaa tokko malee baasuu

Raawwiin Gaa'elaa waan ta'uu qabu

1. "Maacaaf" (kaadhamannaaf) kuma afurii ol fudhatee kan argameefi kennee kan argame adabbii qarshii 20,000
2. Aadaa fuudhaafi heerumaa keessatti aadaan dur hinjirre nutti dhuftee uummata keenya miidhaa jira. Har'a uwwisaa hanga nama 20 itti uwwisuun warra gaa'ela raawwatus, warra miinjees hubaa jira.

Uwwisaa abbaa, bullukkoo, kan haadhaa wandaboo (qamisii) guutuu, kan akaakayyuu bullukkoo, kan akkawoo qamisii guutuu, kanaan ala uwwisee kan argames, uffatee kan argames adabbii qarshii 50,000

3. Uwwisaa, guyyaa cidhaa Intalaaf kan godhamuu qabu, qamisii tokko, naxalaa tokko, kophee tokko, shurraabii tokko, uffata jalaan uffatamu tokko, kana kan bituu qabu, warra mucaa qofa. Kana darbee daboo walitti kadhatanii suuqiirra deemanii yoo argaman, gamni lachuu adabbii qarshii 50,000
4. Meeshaa intalli ittiin heerumtu, agalgilii, saanduqa huccuu, gingilchaa, leemmatii maaddii, gundoo, qunnaa, gundoofi itilleefaa, guyyaa cidhaa misirroo waliin ergee kan argame adabbii qarshii 50,000
5. Miinjee dubaraa bulchee kan argame, bulee kan argames gama lachuunuu

adabbii qarshii 30,000

6. baasiin gama 'Miinjee' dhiiraatiin jirus garmaalee ol ka'ee aadaa keenya gad dhiisaa waan dhufeef haala aadaa keenya ganamaatiin akka raawwatu. 'Miinjee'dhiiraa lama ol bulchee kan argame, bulee yoo argameefi daboo miinjee namni tokko nama 6 ol qabatee deemee yoo argame gama lachuunuu adabbii qarshii 15,000
7. Loomii geessaa nama kudha lamaa ol ta'ee kan argame adabbii qarshii 10,000
8. Amaamoni nama 29 ol ta'ee yoo argame adabbii qarshii 20,000
9. Araaraafi fira walbarsiisuu nama 16 ol ta'ee kan argame, gama lamaaniiinuu adabbii qarshii 20,000

Hacuuccaa Daa'immaniifi Dubartootaa ilaalchisee

1. Daa'imman hojii humnaa olii hojjechiisee kan argame adabbii qarshii 5000 adabama
2. Shamarran umurii malee heerumsisee kan argame adabbii qarshii 40,000 adabama
3. Dubartii gulantaa dabarte dirqisiisee gudeedee kan seera mootummaan gaafatamu akkuma jirutti ta'ee, seera aadaatiin adabbii qarshii 60,000 adabama
4. Shamarran gulantaa hindabarre dirqisiisee kan gudeede seera mootummaan kan gaafatamu akkuma jirutti ta'ee Seera Aadaatiin adabbii qarshii 100,000 adabama
5. Shamarran (durba duudaa) firri gudeedee yoo argame, kan seera mootummaan gaafatamu akkuma jirutti ta'ee Seera Aadaatiin adabbii qarshii 200,000 adabama
6. Shamarran carraa ulfa hinbarbaachiseef saaxilamte, deessee gattee yoo argamte qaama seeraati dhihaatee adabbii hidhaa cimaan akka adabamtu taasifamuun akkuma jirutti ta'ee, hawaasa irraa adda baafamti.
7. Ilmi dhiiraa dubaraa gowwomsee, fedhiidhaaf jedhee fuudhee gale, ija seeraa jalaa dhokaachuuf lamaa sadi bulchee yoo ari'ee argame adabbii qarshii 60,000
8. Kittaannaa shamarraniirratti qaamni kittaaneefi kittaansisee argame tokkoon tokkoon qarshii 20,000n kan adabamu ta'a
9. Namni haadha warraa namaa waliin sagaagalee argame lamaan isaaniituu adabbii qarshii 100,000n kan adabaman ta'u.

Kutaa 2ffaa

Seensa

Oromiyaan hundee Sirna Gadaa ta'uunshee ni beekama. Oromoon Sirna Gadaatiin bulaafi waan qabu ittiin bulchaa akka tureefi bulchaa akka jiru ni hubatama. Oromoon Gadaa keessatti saglan addunyaa jedhee waan heerate qaba. Heerri saglan addunyaa kun waan jiruufi jiraa jedhamu of keessaa qaba.

Jiruun nama, jiraan immoo waan namni itti jiraatu. Jiraan bakkaa lamatti qodaama. Kunis afran kotte baqaqaa (Loon, Hoolaa,

Qarreefi Qeerroo

“Yeroo kaan lubbuu kennu ani dhiiga kennuun daran salphaadha”

- Dargaggoota dhiiga arjooman

Waasihun Takileetiin

Dargaggoo Kaasaahun Geetaachoo jiraataa magaalaa Finfinnee, naannawa Jamoo jedhamuu yoo ta’u, dargaggoota sagantaa Kibxata darbeetiin dhiiga arjooman keessaa isa tokko.

Sagantaa arjooma dhiigaa Liigiin Paartii Badhaadhinaa Magaalaa Finfinnee qopheesserratti kanneen hirmaatan keessaa Dargaggoo Kaasaahun kan ammaa dabalatee marsaa 4ffaaf arjoomuu kaasa.

Dargaggoo kun turtii addatti Kibxata darbe Gaazexaa Bariisaa waliin taasisaan arjoomni dhiigaa aarsaa salphaa lubbuun dhalootaa itti baraaramudha jedha.

Wayita dargaggoonni hedduu walabummaa biyyaasani kabachiisuuf wareegama qaali, aarsaa lubbuu gaafatu kaffalaa biyyaafi dhaloota ittifufsiisaa jiranitti arjooma dhiigaa waakkachuun jaalala biyyaa dhabuudha jechuunis ibsa.

Biyya dargaggoonni lubbuusaanii hinwaakkanne keessatti arjooma dhiigaatiif waakkachuun waliif yaaduu dhabuudha kan jedhe dargaggoo kun, dhiiga bakkabu’uun lubbuu bakka bu’insa hinqabaanne baraaruu murtee sirrii ta’uu kaaseera. Innis marsaa 4ffaaf dhiiga arjoomuusaatti daran kan gammadu ta’uu ibsuun dargaggoonni kaanis fakkeenyummaasaa kana akka hordofan gorsa.

Obboleeyyan keenya dirree waraanaatti bobba’uun lubbuu bakka bu’insa hinqabne kenna jiraniif kabaja guddaatu malaaf jedhee, deeggarsaafi aantummaa isaaniif qabnu tola ooltummaa arjooma dhiigaa isa salphaan deeggaruun barbachisaa ta’uu dubbata.

Ittigaafatamummaa dargaggoonni walabummaa biyyaasani kabachiisuuf qaban olaanaa ta’uulle kaasee, jaalalaafi aantummaa biyyaafi lammii ofiif qaban qabatamaan agarsiisuuf humna qabaniin deeggaruun dirqama jedhan dargaggoo kun.

Anis dirqama lammummaakoo kana bahachuuf aarsaa isa salphaa bakka bu’uu danda’uun lubbuu akka tasaa darbu baraaruu caalaa wanni nagammachiisu tokkollee hinjiru jechuunis ibsa.

Dargaggoonni keenyas ittigaafatamummaa dhalootaa harkasaanii jiru milkeeffachuuf otoo dadhabe, mudhuke hinjedhiin yoomiyyuu caalaa kutannoodhaan tattaafachuu qabu jedha Kaasaahun.

Fakkeenyummaan dargaggoota muraasaan eegalame kun isaan kaan birattis cimee arjoomni dhiigaa ittifufuu qaba jedhee gochichi aarsaafi wareegama oboleeyyan dirree waraanaatti walabummaa biyyaa kabachiisuuf kaffalaniin kan walbira hinqabamneedha jedha.

Kun waan ta’eef dhiiga bakka bu’uun lubbuu bakka bu’insa hinqabne baraaruu tumsi dargaggootaa shooraa olaanaa akka taphatu kan ibse dargaggoo kun dargaggoota magaalaa Finfinnee fedhiin hirmaataniif galanni akka malu kaaseera.

Innis gamasaatiin arjooma dhiigaa taasisfamurratti hirmaannaasaa cimsee kan ittifufu ta’uu ibsee, jalqabbichi kan jajjabeeffamuufi deeggaramuu qabuudha jedha.

Dargaggoonni arjooma dhiigaa qofaaf miti dhimma ijaarsa biyyaa kamuu keessatti waakkii malee hirmaanna taasisuun lubbuu lammilee baraaruu walabummaa biyyaa kabachiisuuf warreen darbanirraa barumsa fudhachuun ta’ee argamuu qaba jedha Kaasaahun.

Sababa hanqina dhiigaa mudatuun du’aatiin lammilee yeroorraa yerootti dabalaa jiru akka furamuuf tajaajilli tola ooltummaa arjooma dhiigaa cimuu akka qabu kan himummoo Dargaggoo Abduu Abbaasaanbiiti. Dargaggoo Abduun jiraataa Kutaa Magalaa Nifaas Silkii yoo ta’u, kanaan duras yeroo sadii dhiiga arjoomuu ibseera.

Alanas waamicha Liigiin Dargaggootaa Paartii Badhaadhinaa qopheesserratti argamuun marsaa 4ffaaf arjoomuu, lubbuu du’uuf jiru du’a oolchuura kan na gammachiisu hinjiru jedha.

Haadhooliin sababa da’umsaatiin dhiigni heddummiinaan dhangala’uun walqabatee lubbuu dhabaa jiran tokko lama waan hintaanee isaaniif wabii kan ta’ummoo dargaggoota jechuun ibsa. Haadhooliin lubbuu kennuuf lubbuu dhabaa jiru. Kunis hudhaa biyya keenya qoraa jiruudha. Kana furuuf immoo arjoomni dhiigaa taasisfamuu ittifufuu qaba jechuun gorsa.

Dargaggoonni haadhooliif, abbootiif kanamalee daa’imman gama maraan oolchuuf ittigaafatamummaa guddaa qabu. Kun akka milkaa’uufimmoo wareegamaafi aarsaa barbaachisu kaffaluun dirqama jedha Abduun.

Kaan dirree waraanaatti bahee walabummaa biyyaa kabachiisuuf kufa, dhiiga. Haadhooliin lubbuu kennuuf lubbuu dhabaa jiru, jaarsoliin hanqina dhiigaafi deeggarsa gara garaa dhabuun eeggattummaafi du’aaf saxilamu. Rakkoolee kanneen furuuf ittigaafatamumman dargaggootarra jiru olaanaadha jedha. Kanaafis dargaggoonni humna qabaniin hirmaanna barbaachisu taasisuun dhalootaafi biyyaasani baraaruu qabu jechuunis dubbata.

Akka Dargaggoo Abduun jedhutti dargaggeessi harkisaa dheeraadha. Misooma ittifufaa saffisiisuu, nageenya biyyaafi hiriiruu, dhiiga bakka bu’uun lubbuu bakka bu’insa hinqabne oolchuu waan ta’eef utubaa biyyaatti jechuun ni danda’ama.

Jijjiirama kana fiduuf dargaggoonni kumaatamni kufaniiru. Kaan madaa’aniiru, kaanimmoo hanga har’aallee sirna itti dhiigani wareegama qaali kaffaluun galmeessisan ittifufsiisuuf waardiyyaa dhaabbataniiru.

Kanarraa kan ka’e ittigaafatamummaan dargaggootarra jiru olaanaadha. hordoffii, ijaarsaafi deeggarsa barbaada jechuudha. Dargaggoo osoo lubbuusaaf hinwaakkatiin sirna kana fide dhaloota hanqina dhiigaatiin hubamaa jiruuf birmachuun aantummaasaa

kabachiisuu qaba jedha Dargaggoo Abduun.

Dargaggoonni hedduun aadaa hojii uummachuurratti hanqina qabu. Dhaabbilee barnoota olaanaarraas eebbifamanii eeggattummaaf saaxilamaa jiru. Kun akka furamuuf mootummaan deeggarsa barbaachisu taasisuu qaba. Dargaggoonnis barsiifata hojii eeggachuu keessaa bahuu qabu jechuunis gorsa.

“Ani gama kootiin arjooma dhiigaa aarsaa salphaa ta’een lammikoo lubbuusaa bakka bu’insa hinqabneef arjoomaan jira. Kana malees nageenya naannawaakoo qabatamaan mirkaneessuuf hiriyootakoo wajjin tajaajila tola ooltummaa kennaan jirra” jedha Abduun.

Humna qabaniin lammii ofiif wabii ta’uun barbaachisaa ta’uulle ibsee, ittigaafatamummaan dargaggootarra jiru daran olaanaa waan ta’eef xiyyeeffannoo kennuun barbaachisaadha. Dargaggoonnis utubaa biyyaa ta’uusaanii beekani dallas hiyyuma diiguuf, biyya ijaaruuf yeroo barbaachisaa ta’ettimmoo biyya ofiif waardiyyaa dhaabachuuf warreen darbanirraa barachuun qabu jedha.

Dargaggoonni akkuma utubaa biyyaa ta’an yoo hordoffiifi deeggarsa hinqabaanne humnoota badiif meeshaa ta’uu danda’u. Kanaafis sababa kan ta’e olola miidiyaa hawaasaati jedhee, itifaayyadama miidiyaa hawaasaarrattis hojiin hubannoo uumuu osoo kenname dargaggoota ijaaruu keessatti shooraa olaanaa taphachuu akka danda’u eera.

Dargaggoo yoo yaadaan, ilaalchaan ga’umsaafi dandeettidhaan ijaaramaa hindeemne balaadha jedhee toorri xiyyeeffannoo gama kanaan kennamuu malu cimuu akka qabu dhaameera.

Dargaggoo Hasan Sabsibis jiraataa magaalaa Finfinnee kutaa Magaalaa Nifaas Silkii Laaftoo yoo ta’u, tajaajila tola ooltummaa nageenya kabachisuu taasisuun ala arjooma dhiigaanis hirmaachaa jiraachuu eera.


Kanaan dura marsaawwan lamaaf arjooma dhiigaa taasisuu kan himu dargaggoo kun, marsa 3ffaafis kennuu dubbatee, dhiiga inni arjoomaan lubbuun du’a oole akka jiru kaaseera. Kanatti daran gammaduus ibseera.

“Dhiigni arjoomame bakka buufama. Lubbuu garuu dhiiga boo’anii bakka buusuun hindanda’amu. Kanaaf falli jiru arjooma dhiigaa taasisuudha. Aarsaa salphaa dhiiga keenyaan lubbuun du’uuf ture du’a ooluun eenyumayyuu kan gammachiisuudha” jedha.


Lubbuun hanqina dhiigaatiin darbu osoo baraarame biyyaaf utubaadha, qabeenya, waardiyyaadha, gaachana. Kana gochuu dhabuu keenyaan waantota hedduu akka dhabuu beeknaa laata? jechuun gaafata Dargaggoo Hasan.

Kanaaf lubbuu bakka bu’insa hinqabne oolchuuf arjooma dhiigaa salphaa ta’e kennuun kan nama galateeffachiisu qofa miti biyya ofiif wabii ta’uu waan ta’eef dargaggoonni dammaqinaan hirmaachuun qabu.


Biyyi dargaggoota qabdu olola miti waraana



Dargaggoo Kaasaahun Geetaachoo



Dargaggoo Abduu Abbaasaanbiiti



Dargaggoo Hasan Sabsib

hamaanuu hin raafamtu hinjilbeeffattu. Kanaaf gatiin dargaggeessaa qaaliidha. Kanaan walqabatee ittigaafatamummaan kennameefis daran ulfaataa yoo ta’u, biyyi akka biyyaatti akka ittifuufuu bu’uura ta’anii tajaajilu.

Dargaggoonni walabummaa biyyaa kabachiisuuf lubbuusaanii qabsiisani daangaashee kabachiisaa jiran, kanneen tajaajilawwan gara garaatiin biyya keenya deeggaraa jirrummoo arjooma dhiigaan faana dhaabachuun du’a akka malee walbaraaruuf tumsuun nurraa eegama.

Walumaagalatti akka Finfinneetti sagantaan dargaggoota 1500 hirmaachisuun dhiiga yuuniitii 1500 sassaabuu Doloolloo Biddeenaatti (Addababa’ii Masqalaa) Kibxata darbe arjoomni dhiigaa mataduree, “Dhiiga bakka bu’uun lubbuu bakka bu’insa hinqabne haa baraaruu” jedhuun adeemsifameera.

Ilaamee...

Federaalizimii sabdaneessa ijaarsa biyyaatiif

Charinnat Hundeessaatiin

Kutaa 2ffaa

Guyyaan Saboota, Sablammootaafi Ummattoota Itoophiyaa marsaa 18ffaaf, Sadaasa 29 bara 2016 Naannoo Somaalee, Magaalaa Jijigaatti mataduree, “Hedduminni walqixxummaa tokkummaa biyyalessaatiif” jedhuun sirnoota garagaraatiin kabajameera.

Guyyaa ayyaana kana sababeeffachuun mariin Gumii Balal marsaa 35ffaan Waajjira Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaatti kan geggeeffame yoo ta’u, hayyuun sirna federaalizimii (Yunivarsiitirraa) Doktor Tasfaayee Jimaa mataduree, “Federaalizimii sabdaneessaa keessatti” jedhuun waraqa qorannoo dhiyeessaniiru. Nutis qorannoosaanii haala ittaanuun qindeessineerra.

Waldanda’uu

Inni biroon ijaarsa dhaabbileeti. Kana cimsuuf Ijaarsi biyyaatiif daran murteessaadha. Ittaanse kan ilaallu hojiirra oolmaasaati. Hawaasa sabdaneessa ta’eef waantoni lafee dugdaa ta’an maal fa’i yoo jenne waldanda’uudha. Waantota baay’eedhaan waldanda’uu jechuudha.

Waan gara gara taaneef, waanti tokko jedhamu hinjiru. Tokkummaan maatii keessayyuu hinjiru. Haati warraafi abbaan warra adda adda. Ijoolleen adda. Ollaatti, naannootti, biyyatti adda. Oggaa sadarkaa biyyaatti guddatu walxaxaa ta’aa deema. Kanaaf waldanda’uun daran murteessaadha. Waldanda’uun lafee dugdaa saba sabdaneessaati.

Walkabajuu

Afaan, amantii, aadaafi duudhaa ofii kabajaa kan warra kaaniis kabajuu. Waanti walkabajuu jedhamu kun murteessaadha.

Fudhachuu

Fudhachuu jechuun kan ofii godhadhu jechuu miti. Nisimatta. Kansaati kan kooti kan jedhamuudha. Jiraachuusaa itti amanuu jechuudha.

Beekamtii kennuu

Beekamtii kennuunis daran murteessaadha. Hedduminaaf gatii kennuu. Akka cubbuu ykn rakkootti ilaaluu dhiisuu jechuudha. Heddummiina qabeenyaa, waantota baay’etu achi keessa jira. Walitti dhufiinsi beekumsaatu biyya ijaarfaa jedhanii amananii fudhachuu. Walqixxummaatti amanuu. Afaan, aadaan kamuu walqixa. Kana heerri biyyattiis ni hima. Kanneen eerre kunniin lafee dugdaa biyya saboonni sablammoonni keessa jiraataniiti.

Amaloota federeesshinii

Aangoo sabootaafi sablammootaaf kennuu. Heerri biyya keenyaa saboonni 80 akka jiran mirkaneesseera. Saboota kanneeniif walqixxummaa kenneera. Aangoo walqixa ta’e kan kenneedha; qoodiinsa aangoo.

Amaloota federaalizimii

Sabootaafi sablammootaaf aangoo kennuu. Heerri Itoophiyaa saboota 86tu biyya kana keessa jira jedhee mirkaneesseera. Sabootaaf walqixxummaa kan kenneedha. Aangoo walqixa ta’e kan kenneedha. Qoodiinsi aangoo amaloota federeesshinii keessaa isa



tokko. Yoo xiqqaate manneen marii lamaafi isaa ol qabaachuu. Ofiin of bulchuu hanga foxxoquutti kan jedhu amala federaalizimii sandaneessaati.

Walqixxummaatti amanuu

Aadaan, afaaniifi amantiin kamuu walqixa.

Hanqinoota

Rakkoon daangaa bulchiinsaa naannolee hiikamuu dhabuun waggoota 30 darbanitti akka rakkootti waan ka’aa tureedha. Hanqinni ga’umsa raawwachiisummaa sadarkaalee adda addaarratti mul’atu, dimokraasiifi sirna federaalizimii walsimsiisuu dhabuun rakkoodha.

Dimokiraasiin waan akka xaxaamaatti ilaalamu miti. Dimokiraasiiratti hayyuun tokko, ni filatta, ni to’atta, yoo rakkoo uume ammoo nikaastaadha. Kanarratti hanqina qabna. Fakkeenyaaf hogganaan aanaa sanaa mana marii aanichaa keessa filatamamoo godinarraa mudamee aanaa dhaqa?

Yoo godinarraa aanaaf ergina ta’e sirna qeenxeeti malee federaalizimii hinibsu. Gaafa dimokraasii ta’u aanaan mana marii qabaata. Manni marichaa achuma keessaa bulchaa filachuu qaba. Gaafa kun ta’u dhimma bulchiinsa gaarii jedhamutu dhufa. Bulchiinsi gaariinis achitti bada.

Yoo mana marii keessaa hinfilatamne ta’e caacculee bulchiinsa gaarii keessaa fakkeenyaaf ittigaafatamummaa ilaalla. Ittigaafatamummaan maal jedha? Ittigaafatamummaan kee warra si filateefi, jedha. Yoo godinarraa ergamtee aanaa dhaqxe mana marichaatiif gaafatamaa ta’uu hindandeesuu.

Si hinbeekanu hinbeektu. Ittigaafatamummaan kee warra godinaatiif ta’a jechuudha. Iftoominni kees akkasuma. Mana marichaafis ta’e ummata aanichaatiif hinta’u. Olaantummaan seeraas sirratti hinhojjetu. Manni marii waan si hinfilanneef si kaasufi to’achuu hindanda’u. Kan si kaasuu danda’u warra godinaa si muudeedha.

Fakkeenyaaf malaammaltummaa hojjetetea yoo ta’e si gaafachuu hindanda’an. Kanaaf caaccuu kana waan keessaa ganne natti natti fakkaata. Federaalizimiin ammoo gaafa dimokiraasiidhaan walunatu milkaa’aa ta’a.

Maqaa sirrii hintaane kanneen akka federaalizimii sanyiiifaa jedhamee sirnichaaf kennamee seeneffama. Kana dhaloonni waan sirnaan dhaluuf irratti hojjetamuu qaba.

Sabqunnamtiin hawaasa hubachiisuurratti gumaachasaanii waan bahatan natti hinfakkaatu. Ummanni sirna ittiin bulaa jirru kana haalota adda addaatiin ilaalaa jira. Kana ammoo sabqunnamtiitu hamma tokko gara tokkotti fiduu danda’a.

Dhaabbilee dimokiraasii akka miidiyaafaa ciccimoodhabuu, sirnahariiroo mootummoota naannolee jidduutti cimsu dhabamuu. Malaammaltummaan rakkoo guddaadha biyyayyuu waan diiguuf jechuudha. Hawaasni sirnicharratti hubannoo walqixa ta’e dhabuu. Yeroon yeroo odeeffannoo waan ta’eef sabqunnamtiin waan guddaa hojjechuu qabu. Keessumaa sabaafi sablammoota biyya kanaa dammaqsuu keessatti.

Federaalizimii sabdaneessaa biyya ijaaruu keessatti

1. Akkaatuma baay’inasatiin ummanni siyaasa, dinagdeefi hawaasummaadhaan qooda fudhachuu qaba.
2. Akkaataa teessuma lafaatiin hariiroon hawaasni waliifi alaaf qabnu wajjin daran socho’uu qabna. Waan tokko dhiphisneetuma ilaaluun barbaachisaa miti. Kun waan ummata dabalatee qaamolee hundarraa eegamuudha.
3. Seeneffama waloorratti cimnee hojjechuu qabna. Akkuma ministirri muummeen irradeddeebiidhaan kaasan seeneffamni waan salphaa miti; dhalootatu dhaala waan ta’eef. Akkaataa seenessaatu biyya ijaaruu diiguus danda’a waan ta’eef kanarratti hojjechuu barbaachisa.

Seeneffamni irratti xiyyeeffannu kan waloo ta’uu qaba; fakkeenyaaf Itoophiyaa kan jedhurratti. Nuti Itoophiyaa akkamitti seenessina? Eessa dhaabannee Itoophiyaa ilaalla? Ala moo qarqara dhaabannee ilaalla? Akkaataan nuti itti seenessinu murteessaadha jechuudha. Saboonniif sablammoonni waa’ee Itoophiyaa seenessa waloo taasifachuu qabu.

Kana malees waa’ee hidha haaromsaafi ashaaraa magariisaas as keessatti kaasuu dandeenya. Kunniin seeneffama walooti. Waan addunyaarratti hinhojjetamnetu biyya kanatti hojjetame. Akkaataa waantota akkanaa ittibarsiisuufi seenessinurratti of ilaalu qabna biyya kana ijaaruu.

Barbaachisummaa ulaa galaanaa akkamitti seenessina, seenessaa jirra? Doktor Abiyyi Ahmadiin hogganaa mul’ata egeree qabu jennee maaliif hinseenessine? Kitaabota

inni barreessee nuu gumaache keessa waanti jedhamu hinjiruuyii? Yeroo ADWUI dhimmi ‘taalaaquu marii’ ykn ‘hogganaa guddicha’ jedhamu seenessa laayyoo hinturre. Seeneffamni murteessaadha.

Waa’een barbaachisummaa ulaa galaanaa ‘nuti amma kan barbaadnu qullubbii diimaa malee galaana diimaa miti’ jedhamee seeneffamuu qabaa? Waa’ee galaanaa egeree keenya waan ta’eef sirnaan seeneffamuu qaba.

Hariiroon sabootaafi sablammoota jidduu jirus sirnaan seeneffamuu qaba. Yeroo baay’ee kan seeneffamu waa’eedhuma waraanaati. Innuu waan walitti nu buusuuf isa keessaa bahamee hariiroo ummatooraatti hojjechuu qabna.

Walmalee jiraachuun hindanda’amu

Akka waan ummatoonni kaleessa walbaraniifi waggoota 30 darbanii as waliin jiraachuu eegalaniitti seeneffamaa jiraa bari. Kun sirreeffamuu qaba. Dhugaa jirurratti hundaa’anii seenessuun nidanda’ama. Waa’een hariiroo saboota hinhimanne, hinbarreeffamne. Sabni tokko isa kaan malee, Affaar Oromoo malee, Somaaleen Oromoo malee, Affaar Somaalee malee, Amaarri Oromoo malee... jiraachuu akka hindandeenye maaliif hinseeneffamne?

Marii biyyaaleessaa

Mariin biyyaaleessaa yeroo ittibitachuu wayya malee jalqabnee fashalaa’uu hinqabu kan jedhurratti waliigalamuu qaba. Otoo homtuu alatti hinhafiin hunduu hirmaatee milkaa’uu qaba. Malaammaltummaarratti xiyyeeffannaadhaan hojjetamuu qaba. Sabqunnamtiin waan irraa eegamu gumaachuu qabu. Manni murtii bilisa ta’uu qaba. Dhaabbilee ciccimoo horachuu, kanneen jiran cimsuu barbaachisa. Yoo kun ta’e biyya ijaaruu nidanda’ama.

Aadaa marii gabbisuun barbaachisaadha. Hawaasa mariidhaan amanu keessaa baanee akkamitti mariitti amanuu dadhabne? Keessumaa hayyoonni kanarratti yaaduu qabu. Dhimmoota shaniif walgeenyee afurirratti waliigallee tokkorratti walitti dhukaasnu malee jenna; jaarraa 21ffaa keessatti.

Oromoon dubbiin haa bultu jedhaa bar. Paartiilee ciccimoo qabaachuu qabna. ‘Suuqbadarateen’ ammaa kun hinbarbaachisu. Caacculee dimokraasii sirna federaalizimii keessatti ida’uufi mirkaneessuunis nu barbaachisa.

Tumaawwan Seera ...

Re'efi Gaala) yommuu ta'an, sadan kottee duudaa (Harree, Gaangeefi Farda). Isaan kun qabeenya dhuunfaa kan namni kophaatti qabuudha. Inni lammaffaan yayyaga, qabeenya kiyya jettee fudhattee socho'uu hindandeenyedha. Fakkeenyaaf, Dachee, Bosona, Laga, Malkaa, Hara, Burqaafi kanneen kana fakkatan yoo ta'an, isaan kana akka waan ofiitti dhuunfaadhaan fudhatanii socho'uun hindanda'amu.

Yayyagni dagalee torban Saawwaati. Kanaaf namni yayyaga kana balleesse adabbii cimaatu itti kennama. Adabbiiwwan kanneen keessaa muraasni, Ilma irraa hinfuusisan, intala itti hinheerumsisan, yeroo rakkinaafi dhiphinaa bira hindhaabbatan. Kophaasaatti akka hafu taasisu. Yayyagni wantoota ciccimoo jireenya ilma namaatiif barbaachisan wajjin waan wal qabatuuf heerri kun murtii cimaa akkanaa dabarsa.

Kaayyoo

- ◆ Gochawwan dirree wajjin wal qabataniif heerota gadaa kan dirree irratti raawwatamaniif heera tumuu
- ◆ Heera dirree tumame kanatti fayyadamnee mukkeen yeroo ammaa kana baduuf haala sodaachisaa keessatti argaman Odaa, Harbuu, Qilxuufi Birbirsaa seera eegumsaa baasuu
- ◆ Mukkeen armaan olitti eeraman kun sababa malee akka hinmuramneefi saanqaa akka hinbaafamne dhorkaa kaa'uu

Manii

- ◆ Dhaloonni haaraan kun akkuma heera Gadaa keessatti kaa'amee jiru, rakkoolee dirree isaarratti mudataniif furmaata kennee dirree isaa kabajee, safeeffatee eeguun dirqama akka ta'e hubachuu

- ◆ Mukkeen qe'ee isaatii baduuf deeman kana kunuunsee, abbaa milkii ta'ee nagaafi tasgabbiin qe'ee isaa jiituufi magariisa taatera ulfinaafi safuu dirree kabajee dhaloota jiraatu horachuu

Mul'ata

- ◆ Mukkeen yeroo ammaa baduuf jiran kun kunuunfamarii ardaa jilaa ta'anii safuun kaleessa qaban kennameefii arguu
- ◆ Kana malees Godina Shawaa Kaabaa keessatti bakka jiranitti kunuunfamarii namaafi looniif gaaddisa ta'anii arguu
- ◆ Dhaloota haaraa faayidaa mukkeen kanaa hubatanii mukkeen biroof illee kunuunsa taasisuu danda'u horatanii arguu

Barbaachisummaa

- ◆ Odaan mallattoo Oromummaa ta'ee tajaajilaa akka jiru ni beekama. Kanaaf safuun Odaa eegamee mallattoo Oromummaasaa qabatee akka ittifufu taasisuun ni barbaachisa.
- ◆ Odaa, Harbuu, Qilxuufi Birbirsaa biqiluu kan danda'an haala ulfaataafi iddoo hinbeekamne waan ta'eef sanyii mukkeen kanaa kunuunsun ni barbaachisa
- ◆ Mukkeen kun amala bishaan lafa keessatti hammatanii qabuufi biyyoo hammatanii qabuu waan qabaniif, dhiqama biyyoo hir'isuufi bishaan qulqulluu argachuuf mukkeen kana kunuunsuun ni barbaachisa

Haala raawwii dhimma bosonaa ilaalchisee

- ◆ Sufuu mukkeen kun dirreerratti qabaniifi faayidaa isaan kunuunsa naannoo keessatti qaban hawaasaaf hubannoo uumuu
- ◆ Sanyii mukkeen kanaa barbaadanii iddoo

barbaachisoo ta'anitti dhaabuufi kanneen hiddaan jiranis iddoo jiranitti akka kunuunfaman taasisuu

- ◆ Qaamoleen mootummaa, waajjirri bulchiinsaa godina hanga gandaatti jiran haala raawwii kanaaf deeggarsa akka taasisan waliin hojjechuu
- ◆ Waajjirri Abbaataayitaa Jijjiirama Qilleensaafi eegumsa naannawaa qaama dhimmi ilaalu waan ta'eef hojii kanaaf haala mijeesuu
- ◆ Waajjirri poolisii sadarkaan jiru deeggarsa akka taasisu waliin hojjechuu
- ◆ Maaguuddonni dhimma kanaaf xiyyeeffannoo kennanii hawaasa bal'aa waliin akka hojjetan taasisuu

Namni Odaa damee mure, jirma jigseefi hundee buqqise gumaa lubbuu namaatiif bahuun walqixa akka baasu ni taasifama.

1. Qilxuu, Harbuufi Birbirsaa akkaataa barbaachisummaa isaatiin maanguddoonniifi qaamni bulchinsaa naannoo ilaalanii akka muramu murtii yoo kennan malee damee muree, jirma jigseefi hidda buqqisee yoo argame, qarshii kuma digdama (20,000) akka adabamu ni taasifama.
2. Haala qabatamaa yeroo ammaa ilaalcha keessa galchuun mukkeen kana irraa saanqaa baasee namni argame qarshii kuma afurtama (40,000) akka adabamu nita'a.
3. Gumaafi beenyaa mukkeen kanaaf kaffalu Ilmaan Galaan Godina Shawaa Kaabaa keessatti argamaniifi Ilmaan Oboo godinicha keessatti argaman akka nyaatan ni taasifama.

4. Beekaa bosonatti abidda kaa'ee kan argame qarshii 100,000n adabama.

Tumaa Fardaa ilaalchisee

1. Ji'a ja'aan hojii hubannoo uumuufi akkaataa itti gaariin mala biraatiin bakka bufaamutu hojjetama. Kana booda namni safuu beeyiladaa eeguu didee argame qarshii 60,000n adabama.

Eebba manaa ilaalchisee

Akka aadaa Oromootti nama mana ijaaruuf waan danda'uun gargaaruun akkuma jirutti ta'ee, eebba manaa jechuun namni daboo kadhaatee argame qarshii 100,000n kan adabamu ta'a.

Hubaachisa: Qaamni qajeeltoowwan armaan olitti eeraman kanaaf hinaboomamu jedhu yoo jiraateefi adabbii kana hinfudhadhu jedhu yoo argame, akkaataa seera Gadaatiin tumaawwan adda addaa kan itti tumamu ta'a.

Tumaawwan kunneen raawwiidhaaf akka mijatuuf waajjiraalee Bulchiinsaa, Dhimma Dubartootaafi Daa'immanii, Mana Murtii Aadaafi Mana Hojii Abbaa Alangaa sadarkaan jiraaniif koppii ta'ee kan kennamu ta'a. Adabbiiwwan qajeeltoo kanarraa argamanis Aanaa, Aanaa isaanii keessatti Mana Murtii Aadaatiif akka galu ta'a.

Kutaa qophiirraa

Ittigaafatamtuu Waajjira Aadaafi Turizimii Godina Shawaa Kaabaa, Meeroon Makonnin barreeffama suura wajjin qindeessanii nuu erguusaaniitiif guddisnee galateeffachaa ittigaafatamtoonniifi ogeessonni godinaalee kaaniis ta'e aanaalee barreeffamoota akkanaafi kkf yoo nuu ergitan keessummeessuuf qophii ta'uu keenya ibsina.

Dhaloota hawwii ganama...

hintaane ibsee, to'annoo raadaariin alatti xiyyaaraa balaliisuun rakkisaa waan ta'eef ogummaa raadaaraa qixa sirriin gonfachuu hima. Waraana keessattis ta'e sochii idileerratti haalli itti xiyyaara kallattii gadlakkisiisaniifi kallattiitti deebisan jechuunis raadiyoooktiiviifi raadiyoojaamiingiin dhimma ijoo ta'uufi innis kana raawwachu bira darbee dandeettii raadaaraa fooyyessuu iyyuu gonfachuusaa dubbata.

Amma xiyyaara balaliisuu qofa osoo hintaane birmadummaa biyyaa kabachiisuun milkaa'uu duuba itti gaafatamummaa jiru hubachuusaa kan ibse balaliisaan kun; hanga cophaa dhiigasaatti kabaja biyyattiif akka hojjetu hima. Hundaa ol jaalalli mooraa sanatti sabaafi sablammoota gidduu jiru isa tokko dura hanga aarsaa ta'uuf qophaa'uutti kan nama dirqisiisu ta'uus ibseera.

Haaluma walfakkaatuun Ajajaan Dhibbaa Ju'eek Lulee Lammaa ijoolummaasaa kaasee fedhiin balaliisaa xiyyaaraa ta'uu guddaa akka qabu dubbata. Hawwii keessasaa bule dhugoomsuun garuu imala daandii dheeraa isa gaafateera. Barumsa sadarkaa 2ffaa xumuree wayita barnoota fayyaan yunivarsiitii Hawaasaa seenu abjuun balaliisummaa kan milkaa'uu itti hinfakkaanne. Barumsasaatti cimaa osoo qabxii olaanaa galmeessaa jiruuti Humni Qilleensa Itoophiyaa beeksisa leenjii balaliisummaa kan baase.

Inni hawwii ganamaa sanaan walitti ba'uuf beeksisa sana dorgomee darbuun balaliisummaa xiyyaaraan leenji'uu jalqabe. Hawwiifi fedhii ganamaan walitti baanaan milkaa'inni salphaadha kan jedhu balaliisaan kun, barumsasaa xumuruun Humna Qilleensaa keessatti balaliisaa olaanaa damee xiyyaaraa geejibaa ta'uu ibseera.

Ta'us namni dandeettii cimaa qabu kun balaliisaa qofa osoo hintaane barsiisaa ta'uun waan isarraa barbaadamuufi leenjii balaliisummaa sadarkaa idilee addunyaa madaaluu ga'umsaan xumuruun eebbaaf ga'eera. Hundaa ol, Humna Qilleensaa sa'aa 24 guutuu guyyoota maraa birmadummaa biyyaa tiksuu keessa hojjechuun kabaja ta'uus himeera.

Dabalataanis mooraa Humna Qilleensa Itoophiyaatti dawwanne Itoophiyaan haala gama teknoolojii waraanaa haala gaariin addunyaa duukaa tarkaanfachaa jiraachuu nutti mul'iseera. Xiyyaaronni waraanaa ammayyaa'oon, xiyyaaronni namamaleeyyiin, humni nama leenji'ee, bu'uraaleen Humna Qilleensaa, Raadaaronniifi Raadiyoon Qunnamtii daawwataman hundi hamilee guddaa kan namatti horaniidha.

“Bishooftuun magaalaa...

dhimmoota murteessoo ta'uus ibsaniiru. Humni Qilleensa Itoophiyaas xayyaara waraanaa ammayyaa'oo qofa osoo hintaane meeshaalee teknoolojii barbaachisoofi humna nama barateen sadarkaa amansiisarra jiraachuun waan arganiifi dhaga'anirraa hubachuu himaniiru.

Balaliin Qilleensaa samii Bishooftuurratti taasifame sun kabajaafi miidhagina magaalattii ta'uu yaadachiisaniifi; magaalaa xiqqoo kana keessatti biyyi guddoon Itoophiyaa jedhamtu addunyaatti mul'achuu dubbataniiru.

Agarsiisni balalii xayyaaraa sunis dhiigaafis diinaafis sadarkaa Humni Qilleensa biyyattii irra ga'e ibsuun dabalata diinota Itoophiyaa tuquuf abbalaniif addatti ergaa guddaa ta'uu hubachiisaniiru.

Buna Itoophiyaa gabaa addunyaatti beeksisuuf

qophiin taasifamaa jira

Finfinnee: Yaa'ii Buna Afrikaa 20ffaa Gurraandhala dhufu Finfinneetti geggeeffamurratti buna Itoophiyaa gabaa addunyaatti beeksisuuf qophiin taasifamaa jiraachuun himame.

Yaa'icha Abbaa Taayitaa Bunaafi Shaayii Itoophiyaafi Waladaa Faayiin Koffii Afrikaa waliin ta'uun kan qopheessan ta'uun eerameera.

Daarekatarrri olaanaan Abbaa Taayitaa Bunaafi Shaayii Itoophiyaa Doktor Addunyaa Dabalaa; yaa'ichi guyyoota geggeeffamu keessaatti sagntaaleen akka

agarsiisaa, buna dhamdhamuufi mariin paanaalii kan geggeeffamu ta'uu himaniiru. Yaa'icharratti daldaloota bunaa, ala ergitootaafi omishitoota kuma lama olii akkasuma bittoonni buna idiladdunyaa kan hirmaatan ta'uu himaniiru.

Yaa'iin kun buna Itoophiyaa gabaa addunyaatti beeksisuun galii oomisha bunarra argamu guddisuu keessaatti gahee olaanaa qaba jedhaniiru.

Yaa'ii kanarratti oomishitoonni Bunaa oomisha isaanii beeksifachuufi gurgurachuuf akkasuma oomishitoonni fi ala ergitoonni

buna Itoophiyaa gabaa idiladdunyaa waliin walitti dhufeenya akka uumaniif carraa kan uumudha jedhaniiru.

Yaa'icharratti hirmaachuuf biyyoota Afrikaa adda addaarra kanneen dhufan simachuuf qaamolee dhimmi ilaallatu biroo waliin qindoominaan hojjetama jirachuus himaniiru.

Kanneen yaa'icharratti hirmaachuuf dhufaniif Daandiin Qilleensa Itoophiyaa harka 20 gatii hir'isuufii akka fakkeenyaatti qindoomina jiru ibsaniiru jechuun TOIn gabaaseera.



Sossochii dhaloota beekumsa...

asumatti beekumsa barbaachisu horataniifis ogeeyyii damichaa wajjin walitti dhufeenyaan hojjechaa jiraachuus himaniiru. Haaluma kanaan Saayintistii beekamaan Dhaabbata Qorannoo Hawaa ('NASA') Ameerikaa keessa hojjetaa kan jiran Doktor Biraanuu Taaffasaa Bulchaa dhimma kanarratti Oromiyaa waliin akka hojjetaniif sochiin eegalamuu himanii; hayyichi giddugala qorannoo 35 akka biyyaatti hundeessan keessaa sagal Oromiyaa keessatti kan hundeeffaman ta'uu Doktor Tolaan ibsaniiru.

Waltajjicharratti waraqaa qorannoo kan dhiyeessan Doktor Biraanuu gamasaaniin, qabeenyi qabeenya caalu qabeenya beekumsarra oole ta'uu dubbataniifi;

biyyootni addunyaa yeroo ammaa guddina roga maraan dursaa jiran xiyyeeffannoo saayinsiifi teknolojiif kennaniin ta'uu hubachiisaniiru.

Qabeenya addunyaa jijjiiruuf biyyootni saayinsiifi teknolojiirratti dhangalaasaa jiran keessaa adda durummaan gumaachaa kan jirtu Ameerikaa yommuu taatu Chaayinaan sadarkaa lammaffaarra jiraachuu eeranii; Ameerikaan hojii qorannoofi qo'annoo baasii doolaara biliyoona 750 (%28) wayita dursitu, Chaayinaan baasii doolaara 520 (%22) sadarkaa lammaffaarra jiraachuu ibsaniiru. Biyyootni kunneen xiyyeeffannoo beekumsaaf kennaniin qabeenyaanis addunyaa hogganaa akka jiran ibsaniiru.

Ameerikaan qorannoo hawaaf maallaqa

hedduu baasii taasisuusheef lammiileen biyyattii hedduun qeeqamaa turuu himanii; har'a garuu Ameerikaan tuurizimii addeessarraan galii hedduu maddisiisuuf karoofachuunshee lammii biyyattii boonseera jedhaniiru. Itoophiyaa jijjiiruufis lammiilee biyyattiif dhimmootni dursa ta'uu malan baay'een osoo jiranii waan egereerratti xiyyeeffachuun dirqama ta'uu ibsaniiru.

Haaluma kanaan jireenya Itoophiyaanota jijjiiruuf hojii saayinsiifi teknoolojiin dhaloota qaruurratti of kennanii hojjechaa jiraachuu himanii; hojii kalaqaa hanga ammaatti manneen barnootaa sadarkaa lammaffaa Itoophiyaa keessatti hojjetaniin bu'aan qabatamaan argamuu dubbataniiru.

Pirojektiin Ikkoo Turizimii...

xumuramaniiru.

Pirojektiin ijaarsisaa waggaa lama dura jalqabame kun xumuramee bakka aanga'oonni mootummaa federaalaafi naannolee akkasumas hawaasni naannawaa argamanitti eebbifama jedhaniiru.

Ijaarsa pirojektichaa keessatti hojiilee baay'een raawwatamuu eeranii, daandiin Haroowwan Wanciifi Dandii walquunnamsiisu, tiraakiin atileetotaaf qophaa'e, pikiniikonni mana nyaataa tabba Wanciirratti hojjetamaniifi karri guddaan Wancii pirojektota ijaarsisaanii xumuramee eebbaaf qophaa'an keessaa isaan muraasa. Karrichi akka turistootaaf mijatutti kan hojjetame ta'uufi konkolaattota 200 qabachuu kan danda'u ta'uu eeraniiru.

Karri Wancii kun wantoota hedduu

kan of keessaa qabu ta'uu himanii, baankiin, bakki tikeetii itti muratan, gaalariin iddoowwan hawwata turistii Oromiyaa keessa jiran agarsiisus karricha keessatti argamu. Hojii gama turizimiin jiru caalaatti milkeessuuf Komishiniin Turizimii Oromiyaa bakkichatti waajjira banatee hojjechaa jiraachuus eeraniiru. Pirojektii Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii kana kan bulchu 'IJA Developers Share Company' ta'uu himanii, kaampaanichis achumatti waajjira banatee hojjechaa jira. Loojii guddaan sadarkaasaa eegateefi manneen viillaa tuuristoonni keessa bulan akkasumas manneen aara ittigalfatan bakkichatti hojjetamanis kan eebbifamu ta'uu dubbataniiru.

Pirojektiin Ikkoo Turizimii Wancii-Dandii pirojektii guddaa yeroo gabaabaa

keessatti qulqullinasaa eegee hojjetamee xumuramee eebbaaf kan qophaa'e kun hawaasa naannawichaa fayyadamaa taasisuu keessattis qooda guddaa qaba jedhaniiru.

Pirojektichi yoo xiqqaate hawaasa naannawichaa namoota 560f carraa hojii kan uumu ta'uu Obbo Dhaabaan eeranii, dargaggoonni fardeen dhiyeessuun, nyaatawwan adda addaa qopheessuun, kaaffeewwan gara garaa keessatti ramadamuun galii argatanii akka jireenyasaaniifi maatiisaanii utubaniif carraa bal'aa akka uumuuf dubbataniiru.

Pirojektichi ummataaf waan hojjetameef hawaasni naannawichaa keessummoota sirna eebba pirojekticharratti argaman kabajaafi jaalalaan akka simataniifis dhaamsa dabarsaniiru.

Ijaarsi Pirojektii...

arguukootti gammadeera" jedhan.

Guddinaan sadarkaa Afrikaatti Iffaafi 3ffaa kan ta'an hidhawwan Guddicha Haaromsa Itoophiyaafi Koyishaa qabaachuun hojjiifi

tattaaffii humna qulqulluu maddisiisuuf kan gita hinqabne taasisa jedhaniiru.

Wayita ammaa yeroo Loojii Faana Arbaa Cabaraa, Paarkii Biyyaalessaa Cabaraa

Curcuraatti dhihootti argamu eebbisiifnu kanatti, Hidhi Kooyishaa carraa tuurizimii naannichaatiif gumaacha dabalataa qabaata jechuunis ibsaniiru.

ODUU

Ji'oota shanan darbanitti foon toonii kuma 328 omishuun danda'ameera

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Ji'oota ja'an baranaatti foon toonii kuma 298 omishuuf karoofamee ji'oota shanan darbanitti foon toonii kuma 328 omishamuu Ministeerri Qonnaa beeksise.

Ministeerichatti Gorsaan Ministirri De'eetaan Damee Qabeenya Beeyladaafi Qurxummii Doktor Yohaannis Girmaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kalaqamuu Innisheetivii Maaddii Guutuutiin Itoophiyaan damee misooma beeyladaatiin hojii dinqisiisaa hojjechaa jirti.

Akka ibsasaaniitti, biyyattiin uumamaan horsiisa beeyladaatiif kan mijattu ta'usheefi caalaatti lammiilee hedduun horsiisa looniiratti bobba'eedha. Dhaabbileen qo'annoofi qorannoo beeyladaarratti bobba'an baay'inaan jiraachuun carraalee gaarii milkaa'ina innisheetivichaaf tumsuudha.

Innisheetivicha milkeessuuf qaamota horsiisa beeyladaa, horsiisa lukkuu, misooma dammaafi qurxummiiratti bobba'aniif deeggarsi ogummaafi faayinaansii taasifamaa jiraachuus



Doktor Yohaannis Girmaa

eeranii, misooma lukkuu babal'isuuf qofa galteewwan barbaachisoo alaa galchuuf mootummaan doolara miliyoona 30 ramaduu ibsaniiru. Cuucii miliyoona 28 rabsuuf karoofamee, ji'oota shanan darbanitti cuucii guyyaa tokkoo miliyoona 29 arabsuu eeraniiru.

Milkaa'ina innisheetivichaatiif fayyaafi nyaatni beeyladaa murteessaa ta'uu eeranii; dhibee beeyladaa ittisuuf beeyladoo miliyoona 84f talaallii kennuun dabalata nyaata beeyladaa tooniin miliyoona 92 omishuus himaniiru.

Qaamota omishaalee Maddii Guutuurratti bobba'aniif deeggarsa ekisteenshiniin firii qabeessa taasisuuf mandara omisha aannanii, mandara horsiisa lukkuu, mandara horsiisa kanniisaafaa jedhanii moggaasuun naannawa tokkotti fiduuf hojjetamaa jiraachuus eeraniiru.

Haalota mijatoo uumuun ji'oota shanan darbanitti foon lukkuu toonii kuma 88, qurxummii toonii kuma 38fi damma toonii kuma 96 omishuun ifatti innisheetivichi milkaa'aa kan jiru akka ta'e Doktor Yohaannis himaniiru.

Misooma dammaarratti karoora ba'e milkeessuuf hojiin hojjetamu damicha ammayyeessuurratti kan xiyyeeffatu ta'e eeruun gaagura ammayyaa kuma 315 qaamota omisha damicharratti bobba'aniif raabsamee jiras jedhaniiru.

Bu'aan hojii misooma beeyladaa oolee bulee malee battalatti kan mul'atu ta'uu baatuus inisheetiviin kuni erga jalqabee waggaa tokkicha kana keessatti bu'aaleen ijaan mul'atan hedduun jiraachuu eeranii oomisha killeerratti keessattuu iddoo hundatti omisha kana gabaa hundarratti gatii madaalawaan argachuun kan danda'ame omishni killee baay'inaan jiraachuusaarraan kan ka'e ta'uus ibsaniiru



Obbo Daanyee Guutaa

Yuniyeenichi gurgurtaa kaarbooniirraa yuuroo miliyoona 1.1 argate

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Yuniyeeniin Omishtoota Buna Oromiyaa waggoota shanan darbanitti gurgurtaa kaarbooniirraa galii yuuroo miliyoona 1.1 argachuu beeksise.

Yuniyeenichatti ittigaafatamaan damee pirojeektii Obbo Daanyee Guutaa ibsa addatti dheengadda Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, kaayyoon yuniyeenichaa misooma bunaa finiinsuun fayyadamummaa qonnaan bulaa mirkanessuudha.

Itoophiyaatti bunni kan biqiluufi firii kan godhatu bosona keessatti waan ta'eef misooma bunaatiin bu'aa barbaachisaa argachuuf hojii misooma bosonaa hojjechuun barbaachisaadha jedhanii, kana yaada keessa galchuun yuniyeenichi erga of danda'ee hundaa'ee hojii misooma bunaa cinatti godinaalee Oromiyaa bunni itti omishamu hundatti hojiin misooma bosonaa hojjechaa jirachuu ibsaniiru.

Yuniyeenichi hojii misooma bosonaa malkeessuuf qonnaan bultootni madda anniisaaf jecha akka bosona hinmancaafneef pirojektii Oromiyaa raabsaa Kuuk Istoor (Oromia Cook Store Distribution) jedhamu hundeessuun qonnaan bultootni qoraanirra akka humna ibsaatti fayyadaman taasisaa jiras jedhan.

Haaluma kanaan yuniyeenichi waggoota shanan darbanitti qonnaan bultoota kuma torba fayyadamoo anniisaa elektirikii ta'uu isaan dandeessisuufi istoozii dabalatee teknoolojii garagaraa akka argatan taasisuus eeraniiru.

Akka ibsa Obbo Daanyeeetti, karoora gurgurtaa kaarboonii malkeessuuf yuniyeenichi Dhaabbata Nezarlaandi 'Fair Climate Fund' jedhamu faana waliigaltee mallatteessee hojjechaa jira.

Dhaabbatiichi yuniyeenichaaf deeggarsa maallaqaafi teeknikii kennuutti dabalee kaarboonii yuniyeenichi omishu bituurratti argama.

Bu'uuruma waliigaltichaatiin waggoota shanan darbanitti yuniyeenichi kaarboonii toonii kuma 97 dhaabbatiichaaf dabarsuun galii yuuroo miliyoona 1.1 ol argachuu Obbo Daanyeen eeraniiru.

Gara fuulduraattis yuniyeenichi gurgurtaa kaarbooniirraa galii amma argachaa jiru dachaan dabaluu haala dandeessisurratti argama jedhanii, keessattuu jalqabamuun sagantaa ashaaraa magariisaa omisha bunaafis ta'ee omisha kaarbooniif haala mijaa'aa fidee dhufuus eeraniiru.

Hanga Sadaasa 17tti lafa hektaara miliyoona 7.4 irraa omishni sassaabame

• Qonna qamadii bonaan lafti hektaara miliyoona 1.6 sanyiin uwwifameera

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Sassaabbii omishaa hanga Sadaasa 17 bara 2016tti gaggeeffameen lafa hektaara miliyoona 7.4 irraa omishni sassaabamuu Ministeerri Qonnaa ibse.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Hojii Sabquunnamtiifi Kominikeeshinii Obbo Kabbadaa Laaqawuu Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, hojii qonna gannaa bara 2015/2016tti hektaara miliyoona 17.5 sanyiidhaan uwwifamerraa sassaabbii hanga Wiixata darbeetti gaggeeffameen hektaara miliyoona 7.4 irraa omishni sassaabameera. Hojii qonna qamadii bonaan hektaari miliyoona 1.6 ol sanyiidhaan uwwifamuu ibsaniiru.

Akkasaan jedhanitti, roobni yeroo isaa hineeggatiin omisha baranaa akka hinballeessineef hojiin odeeffannoo Institiyuutii Metiworolajii Itoophiyaarraa darbu hawaasa biraan ga'uu hojjetamaa jira. Haaluma kanaan sassaabiin omishaa naannolee hundaa keessatti gaggeeffamaa jira. Haala qabatamaa amma jiruun lafa hektaara miliyoona saddeet irraa omishni sassaabiif ga'ee jira. Mala aadaan hektaara miliyoona 6.9, teknoolojii fayyadamuun hektaara kuma 491 ol, waliigalaan hektaara miliyoona 7.4 irraa omishni sassaabameera.

Omishni sassaabame hundi akka hincalleeffanne himanii, kan hektaara miliyoona 2.4 sassaabamerraa callaa kuntaala



miliyoonna 70n argamuu eeranii, naannoo Oromiyaatti callaan kuntaala miliyoona 57, naannoo Amaaraatti hektaara kuma 110 sassaabamerraa callaa kuntaala miliyoona 2.8 argamuu akka fakkeenyaatti kaasanii, roobni yeroosaa hineegne wayita ammaa mudate sassaabbii omishaarratti dhiibbaa uumaa jiraatus duula barattootaa fayyadamuun osoo omishni hinqisaasa'in sassaabamuu akka qabu himaniiru. Hojiin omisha hafe calleessuufi sassaabuu qindoomina hoggansaa, barataafi hawaasaan haala qilleensaa mijawaa hordofuun gara fuulduraattis cimee akka ittifufu hubachiisaniiru.

Haaluma walfakkaatuun hojiin qamadii bonaa ittifufuu ibsanii, sadarkaa biyyaatti qonna qamadii bonaan hektaara miliyoona sadii

sanyiidhaan uwwisuun callaa qamadii kuntaala miliyoona 117 argamsiisuuf karoofamee hojjetamaa jiraachuu himu.

Hojii hanga Sadaasa 17tti hojjetameenis mala qonna aadaan hektaara miliyoona 1.1, tiraaktaraan hektaara kuma 638 waliigala hektaara miliyoona 1.8 qotuun danda'amuufi lafa qotame keessaa hektaarii miliyoona 1.6 sanyiidhaan uwwifamuu himanii, hojiin sanyiidhaan uwwisuu gara fuulduraatti cimee akka ittifufu ibsaniiru.

Hojiin qonna jallisii idilee haaluma walfakkaatuun hojjetamaa jiraachuufi qonna qamadii gannaa, arfaasaafi jallisii bonaa fayyadamuun fedhii qamadii biyya keessaa guutuun akka danda'ame kaasu.